**Kallacha Oromiyaa**

Jijjiirama hundagaleessaaf Odeeffannoo sirrii!

*Bara 32* *Lakk. 50* *Onkoloolessa 13 bara 2018* *Gatiin qar. 20*

# “Nageenyi akka dhufu ni kadhanna, nageenyi akka dhufu ni hojjenna, naganyi hanga dhufutti garuu hin teenyu ni misoomsina”

**Ministira Muummee Dr.Abiyyi Ahimad**

*Galaanaa Kumarraatiin*

Nageenyi akka dhufu ni kadhanna nageenyi akka dhufu ni hojjenna, naganyi hanga dhufutti garuu, hin teenyu biyya ni misoomsina jechuun Ministeerri Muummee FDRI Dr.Abiyyi Ahimad a dubbatan.

Dr.Abiyyi Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa dabalatee Aanga’oota mootummaa Olaanoo duraaniifi ammaa waliin Godina Baaleetti tibba darbe Holqa Soofumar misoomaa jiruufi hojilee misoomaa Gaarreen Baalee biroo hojjetamaa jiran daawwataniiru. Bakkeewwan seena qabeessaafi dagataman misoomsinee dhalootaaf ol kaa’uuf hojilee misoomaa gurguddoo karoorsinee



hojjechaa jirra jechuun daawwannaa kanarratti dubbatanii jiru.

Waggaa afur dura Pirezidaantii Shimallis Abdiisaa waliin Holqa Soofumar dhufee daawwadhee baayyeen aare, gaddes jedhaan Dr. Abiyyi. Sababnisaas qabeenyi hamma kana ga’u maaliif utuu hin misoomin yoona gahe jedheen gaabbiin baay’ee natti dhagaa’ame jedhan.

Biyyoota addunyaa baay’een deemee argeera, qabeenyi uumamaa Baalee jiru addunyaarraa eessayyuu hin jiru kan jedhan Dr.Abiyyi, har’a garuu, qabeenyi guddaan kun akkasitti misoomee yeroon argu baay’een gammade jechuun dubbataniiru.

Uummanni Baalee eenyummaa keessan *Gara fuula 14tti*



## Biiroon Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa fayyadamummaa dubartootaa mirkaneessuuf hojjetaa jiraachuu ibse

*Taammanaa Gammadaatiin*

Biiroon Dhimma Dubartootaafi Daa'imnanii Oromiyaa qorannoo idileessa koorniyaarratti xiyyaffate hayyoota Yuunivarsiitii Naannoo Oromiyaan qorachiisaa ture Adaamaatti qooda fudhattootaaf dhiyeessaa jira.

Hirmaannaafi fayyadamummaa dubartootaa mirkaneessuufi miidhaa dubartootaafi daa'imman irra gahuu maluu hambisuuf hojjetaa jira.

Kana mirkaneessuufis qorannoon haala koorniyaan idilaa'uufi fayyadamummaan dubartootaa *Gara fuula 14tti*

## Biiroon Qonna Oromiyaa Paampii motoraa bishaanii 1900 ol fayyadamtoota sagantaa seeftiineetiif kenne

*Bushiraa Aliitiin*

Biiroon Qonna Oromiyaa Paampii motoraa bishaanii 1945 qarshii miliyoona 200’n bituun fayyadamtoota sagantaa seeftineetii godinaalee 10fi aanaalee 28’tiif Sambata darbe kenneera.



Pirezidaantii Itti Aanaan Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdii sagantaa raabsaa paampii motoraa kanarratti argamuun ergaa dabarsaniin, mootummaan naannichaa galmoota gurguddoo misooma qonnaa wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu, oomisha alaa galu kan biyya keessaan bakka buusuu, al-ergii guddisuufi baadiyyaafi magaalaatti carraa hojii uumuu xiyyeeffannoo kennee hojjachaa jiraachuu ibsanii, paampiiwwan qoodaman kunis galmoota kana kan milkeessan ta’uu himaniiru.

Naannichatti deeggaramummaarraa gara oomishtummaatti ce’uun birmadummaa biyyaa guutuu taasisuuf hojiin hojjatamaa jiru bu’aa argamsiisaa jiraachuus dubbataniiru. *Gara fuula 14tti*

## Godinichatti ji'oottan sadan dabranitti hojiin tajaajila lammummaa qarshii Biliyoona 19 olitti tilmaamamu hojjetamuun ibsame

*W.K.Godinichaatiin*

Godina Harargee Bahaatti ji'oottan sadan dabran hojiin tajaajila lammummaa qarshii biliyoona 19 olitti tilmaamamu hojjetamuu Waajjirri Maallaqaa godinichaa ibseera.



Dursaan Garee Kenna Tajaajila Lammummaa Waajjira Maallaqaa Godina Harargee Bahaa Obbo Eeliyaas Nugusee, bara 2018 kanatti fayyadamummaa hawaasaa caalmaatti mirkaneessuuf gosoota hojii 72 adda bahanii qarshii biiliyoona 36.5'tti tilmaamamu karoorfamee hojjetamaa jiraachuu ibsan.

Karoora qabame kana milkeessuuf hojilee hedduun hojjatamaa jiraachuu kaasanii, ji'oottan sadan dabran kana keessattis hojiileen tajaajila lammummaa qarshii biiliyoona 19fi miiliyoona 200’tti tilmaamamu *Gara fuula 14tti*

**Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!**

# Gumaata

## Jechoota beektotaa beekumsa waliigalaaf

- Namoonni hedduu gorsa yoo fudhataniyyuu, kan itti fayyadaman garuu beektota qofa.(Toomaas Taaki'aas)
- Ifa arguuf dukkana halkanii dabarsuun dirqama.(wiiliyaam sheekispir)
- Kaleessaaf gaabbuufi boruuf dhiphachuun guyyaa har'aa balleessuudha. (Maaksiim Tiroobey)
- Cabbii caalaa yoo addaatteyyuu, urjii caalaa yoo qulloofteyyuu ceephoo jalaa bahuu hin dandeessu.(Wiiliyaam sheekispiir)
- Namoota biroof hin yaadnu yoo taane,waanta namaaf gochuufii dandeenyu yoo dhiifne burqaa gammachuu tokko akka gogsine beekuu qabna.(Rey Liimaan Wiilber)
- Namoonni hedduun abdii fuula duraa qaban abjootanii yeroo gammachuu abdiidhaan eeggatu. Garuu guyyaan har'aa guyyaa hundumaarra guyyaa addaati. Sababnisaa guyyaan har'aa harka kee keessa seentee jirti.(Chaarles Kooltan)
- Baay'inni rifeensaa,baay'inni coba bokkaas akkuma beekamuu hin dandeenye baay'inni rakkinaas sammuu nama mul'ataa xureessuu hin danda'u. Namni akkasii madaala jireenyasaatii ni eega.(Seenekaa)
- Akkuma sibiilli yoo qarame malee hin calaqqifne akkasuma namnis rakkinaan yoo qoramee bahe malee addunyaatti mul'achuu hin danda'u.(Konfiishiyes)
- Sammuun keenya qaamota keenyatti amanuu dhiisuuf aangoo qaba.(Andiree Morwaa)
- Namni namoota injifatu nama cimaadha. Namni ofiisaa injifatummoo nama hundumaa caala.(Laawoo $8^{ffaa}$)
- Dadhabinni jireenya keessatti nama quunnamu tokko qofa; innis waan beekuu qaban beekuu dhabuudha.(Kanan Firederik Furaar)
- Irra deddeebi'anii yaaluun salphina miti.Carraa gaarii ta'uusaatu ittiin safarama.(Joorji Maatiyaas)
- Waanti nama beekamaa si taasisu waan ta'uu barbaaddu taatee argamuudha.(Sooqiraxes)
- Sammuun kee foddaa ati ittiin addunyaa kana ilaaltu waan ta'eef yeroo hundumaa banaa taasisi.(Joorji Bernaandishowu)
- Namni tokko amaloota sadii qaba. isaanis: amala inni agarsiisu, amala inni qabuufi amala inni qaba jedhee yaadudha. (Alfansi Kaar)
- Namni hiriyyaasaatiif gammachuu hin yaadne rakkinaaf saaxilamaadha. Namni akkasii ofiisaa qofa osoo hin taane,namoota biroos ni madeessa.Kufaatiin namaas eenyummaa akkasiirraa dhufa.(Alfired Adiler)
- Balaa namatti dhufe injifachuuf tarkaanfiin jalqabaa waanta raawwate galataan fudhachuudha. Rakkoo si mudate akkuma jirutti fudhachuuf hayyamamaa ta'i.(Wiiliyaam Jamsi)
- kaanotaa)
- Jireenya keessatti waanti nuti akka karooraatti qabannu waanta lamatu jira. Inni jalqabaa waanta barbaannu argachuu yoo ta'u,inni lammaffaan immoo waanta argannetti gammaduudha. Namoonni karoora isa lammaffaatti gammadan garuu beektota qofa.

**Madda:Kitaaba saayikooloojii Icciitii Milkaa'inaa jedhu kan Norman V.Pill barreesse. Qannoo Addisuu Afaan Oromootti kan hiikerraa**

**Baahiruu Gurmuutiin, Waajjira Bulchiinsa Aanaa Najjoorraa-Wallagga Lixaa**

## Tarsiimoo, kaayyoofi utubaalee hammata magaalomsuu Oromiyaa

### Hammata tarsiima'aa

- Maagaalaan sochooftuu/motora guddinaa ta'uu fudhachuu
- Haalli adeemsa magaalomsuu asiin duraa jijjiirama murteessa kan barbaadu ta'uu
- Kallattii imaammataafi investimantii mootummaa sirreessuun murteessaa ta'uu
- Lakkoofsa ummata magaalaa dabalaa jiru akka carraatti fudhachuun misooma saffisiisuu
- Magaalota egereef ta'an hundeessuun, carraawwan egereef qopheessuu.

### Kaayyoowwan hammatichaa

- Qaamoleen dinagdee karoorsan dhimmoota magaalaa akka roga qabsiisan gargaaruu akkasumas qindoomina karoora iddoomaa (spatial)fi dinagdeetiif bu'uura gaarii kaa'uu
- Seenessa magaalaa marii imaammataatiin qajeelchuufi dhimmoota magaalaa duraa duuba qabsiisuuf gargaaran adda baasuu
- Gaaffilee shoora magaalonni guddina dinagdeefi hawattummaa keessatti qabaniin walqabatee ka'uuf deebii qabatamaa kennuu
- Investimantii bu'uuraalee misooma magaalaa, dhiibbaa/fooyya'insa isaan oomishtummaafi mijattummaa jireenyaarratti qabaniin agarsiisuu

### Utubaalee hammatichaa

- Wabii nyaataa mirkaneessuu
- Ogummaa dagaagsuu
- Dhaweessummaa deggeruufi
- "E-governance"

***Roobeeraa Qannoo, Kominikeeshiinii Magaslaa Dambi Doolloo, Fuula FB Biiroo Pirezidaantii Oromiyaa wabeeffachuun kan nuuf erge***

## Wanneen yeroo jalqabaa

- Biyyi addunyaarraa yeroo jalqabaaf daldala garbaa mormuun akka dhaabbatu goote-Ispeeni
- Biyyi addunyaarraa yeroo jalqabaaf adabbiin du'aa akka hafu labsite-Venezuweelaadha
- Biyyi addunyaarraa yeroo jalqabaaf qarshii waraqaarratti maxxansiifte-chayinaadha (song dynasty)
- Biyyi addunyaarraa yeroo jalqabaaf istaampii poostaa eegalte - Biritaaniyaa maqaan istaampichaas ("Penny Black") jedhama
- Biyyi addunyaarraa yeroo jalqabaaf VAT(Value Added Tax) eegalte - Faransaayidha. Barrisaas bara 1954.
- Biyyi addunyaarraa yeroo jalqabaaf taaksii kaarboonii (Carbon Tax) jalqabde-Fiinlaandi yoo ta'u,innis bara 1990tti ture.
- Biyyi addunyaarraa yeroo jalqabaaf sirna bulchiinsa dimookiraatawaa eegalte Giriik Ateensidha
- Biyyi addunyaarraa yeroo jalqabaaf karoora maatii hojiirra oolchite-Indiyaadha

***Fuulawwan miidiyaa hawaasaarraa kanin dubbise jechuun Asmaraa Abdiisaa, Kominikeeshiinii Aanaa Hidhabuu Abootee (Salaaleerraa) kan nuuf erge***

**Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!**

**Kallacha Oromiyaa**

**Bara 1986 hundeeffame**
**Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,**
**Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama**

**Qindeessaafi Gulaalaa Muummee** Addunyaa Hayiluu
**Itti aanaa Gulaalaa Muummee** Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii Yewubnesh Kabbadaa

**Qopheessaa Beeksisaa** Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

# Dubbii Ijoo

## Mootummaan Gandaa tajaajila hawaasatti dhiyeessuu keessatti shoora bakka hin bu'amne qaba

Mootummaan Naannoo Oromiyaa hawaasni dhiyeenyaan tajaajila akka argatu gurmaa'insa gandaa haaraa hojiirra erga oolchee waggaa tokko darbeera. Erga hojiirra oolee asitti hawaasni dhiyeenyaan tajaajila mootummaa akka argatu ta'eera. Kunimmoo tajaajila mootummaa argachuuf bu'aa bahii jiru hambisiseera, itti quufinsa uummataas akka dabalu taasiseera.

Tajaajila mootummaa gara ummataatti dhiyeessuun waliin jireenya ummatichaa cimsuu, aadaafi duudhaasaa akka dagaagfatu deeggaruu, naannoosaa eeggachuun nageenya isaa akka waaressu, qabeenya uumamaa naannoosaa jiru sirnaan beekee bulchuufi fayyadamuu, ijaarama isaa cimsachuun misooma isaa akka saffisiifatu deeggaruu, tajaajila si'ataa argachuu akka danda'uuf

Gurmaa'insi gandaa kun hedduu gargaaru ta'uu ni beekama.

Akkuma gandootni naannichi qabu kuma torbaa ol ta'an namoota muxannoo, barnootaa, dandeettifi humna qabaniin akka hogganaman taasisuuf murteen fudhatamee hojjetamaa jiru dhimma akka laayyootti ilaalamuu miti.

Adeemsii kun lakkoofsa baay'ina jiraataa, bal'ina lafaa, humna omishtuummaa, albuudaafi qabeenya jiru beekanii mala ittiin bulchu danda'an barsiisuus kan danda'uudha. Hojiirra oolmaa murtee kanaa booda ergama aantummaa ummataa itti keennameen hojjiitti kan galan hojjattoonnii caasaa gandaa gurmaa'an dhaadannoo "Buluniis ta'e Bulchuun Ganda" jedhu qabatanii gara ummataatti bobbaa'anii hojjetaa turaniin bu'aaleen hedduun argamaa dhufeera.

Bu'aa hojii yeroo gabaabaatiin hojiileen antuummaa ummataa mirkaneessaniifi hawaasaaf boqonnaa argamsiisuu danda'an danuun hojjetamaniiru.

Adaa hojii tajaajila gandaa kanaan dura ture jijjiiruun gandoota hojii isaaniitiin modeela ta'u danda'an horachuun danda'ameeraa.

Humnoota waloo qindeessuun manneen barnootaa keessatti sirna nyaata barataa idileessuu, keellaa fayyaa namaafi beeyiladaa ijaaruufi itti fayyadamuu, qonnaan bultoota kilaastaraan ijaaruun Bonaafi Ganna akka oomishan, caasaa jiruun caasaa nageenyaa keessatti ijaaramuun nageenya naannoosaa akka tikfatu gochuu akkasumas sheedoota gara garaa ijaaruun dargaggootaaf carraa hojii uumuun akka danda'an kan taasisuudha.

Walumaagalatti caaseffama kanaan gandootni moodela kan uumamaniifi uumamaas kan jiran ta'uu ni hubatama. Maarree ammas yeroo kamuu caala mootummaan caasaa gandaa jabeessuuf xiyyeeffannoo addaan hojjetaa jira. Kunimmoo akkuma armaan olitti caqafne tajaajila hundaa hawaasatti dhiyeessuu carraaqqii mootummaan taasisaa jiruudha. Kanaaf caasaan gandaas kaayyoo mootummaan Naannoo Oromiyaa tajaajila hawaasatti dhiyeessuuf hojjetaa jiru qixaan hubachuun sadarkaa sanatti hojjechuun barbaachisaadha.

# Dhukkuba gaggabdoo ilaalchisee waan beekuu qabnu

Namni ati beektu tokko akka tasaa kufee yoo of wallaal, qaamnisaa yoo diriire, harki, mataafi miillisaa hollachuu yoo jalqabe namni kun dhukkuba gaggabdoo akka qabu beekta taanaan, gargaarsa barbaachisaa ta'e gochuufii ni dandeessa. Mee dhukkuba yeroo baay'ee karaa hin taaneen hubatamu kana ilaalchisee yaadawwan barbaachisoo ta'an tokko tokko haa ilaallu.

Gaggabdoon maali? Gaggabdoon dhibee sammuu namoonni yeroo muraasaaf akka of wallaalan godhudha. Namni dhukkuba kana qabu yeroo baay'ee of wallaalee kan turu daqiiqaa shanii gadiifidha. Haalli keeyyata jalqabaarratti ibsame gosa gaggabdoo "Giraandi maal siizar" jedhamee waamamuun kan dhufudha.

Gaggabdoon kan nama qabatu akkamitti? Gaggabdoon, seelota sammuu gidduutti sochiin baramaa hin taane yommuu mul'atutti rakkina uumamurraa kan dhufu akka ta'e qorattoonni ni amanu. Sababiinsaa maal akka ta'e garuu hanga ammaatti bira hin ga'amne.

Namni dhukkuba gaggabdoo Giraandi maal siizar jedhamu qabu yoo na mudate gargaarsa akkamii gochuufiin qaba? Kitaabni "The Encyclopidia of The Brain And Brain Disorders" jedhamu akkas jedheera: "Namni sun yommuu gaggabu, namoonni isa bira jiran, gargaarsa isaaf gochuuf yaaluu mannaa gaggabdoonsaa hanga irraa badutti eeguu qabu. Haata'u malee, yeroo kanatti waanti kan biraan qaamasaarratti miidhaa akka hin geessisne eeguufi hafuura baafachaa akka jiru mirkaneeffachuu qabu." Karaa gara biraammoo, kitaabichi itti fufuudhaan akkas jedheera: "Gaggabdoon sun daqiiqaa shanii oliif yoo irra ture akkasumas ittaansuudhaan ammas yoo gaggabe ykn erga gaggabdoon sun isa dhiisee booda daqiiqaa muraasa gidduutti yoo of baruu dadhabe, dafanii mana yaalaatti geessuun barbaachisaadha."

Nama dhukkuba kana qabu gargaaruu kanan danda'u akkamitti? Boraatii lallaafaa ta'e mataasaa jala kaa'iif; akkasumas wantoota qara qaban isarraa fageessi. Yommuu inni hollachuu dhiisu cinaachasaatiin ciibsi.

Namni sun erga of baree booda maal gochuun qaba? Jalqaba, akka inni tasgabbaa'u godhi. Achiis bakka sanaa isa kaasuudhaan iddoo inni boqochuu danda'utti geessi. Namoonni gaggabdoo qaban hedduun erga of baranii booda fajajuu ykn hirribaan mo'amuu danda'u; kaanimmoo akkuma of baraniin rakkina tokko malee hojiisaanii itti fufu.

Namni gaggabdoo qabu hundi yeroo gaggabutti ni hollataa? Lakkii. Namoonni dhukkuba kana qaban tokko tokko, utuma hin kufiin yeroo muraasaaf fajajuu danda'u. Gaggabdoon akkasii "Peetii maal siizar" jedhamee kan waamamu yommuu ta'u, namoonni dhukkuba kana qaban sochii tokkoyyuu utuu hin godhiin yeroo muraasaaf fajaju. Namoonni tokko tokko ammoo, daqiiqaa dheeraadhaaf fajajanii turuu danda'u. Yeroo kanatti, mana keessa asiif achi deemuu, uffatasaanii ofirraa baasuuf yaaluu ykn amala baramaa hin taane argisiisuu danda'u. Namoonni akkasii erga of baranii booda qaamasaanii to'achuu dadhabuu danda'u.

Namoota gaggabdoo qabanitti miira akkamiitu dhaga'ama? Namoonni dhukkuba kana qaban hedduun, 'ammas natti ka'aa laata?' akkasumas, 'nama gidduutti na dhukkubaa laata?' jedhanii sodaachuu danda'u. Qaanii akkasiirraa baqachuuf jechas, namarraa adda ba'uu filatu.

Nama dhukkuba gaggabdoo qabu gargaaruu kanan danda'u akkamitti? Miirasaa akka ibsu isa jajjabeessi. Akka gaariitti isa dhaggeeffadhu. Yommuu isa dhukkubutti maal akka isaaf gootu akka barbaadu isa gaafadhu. Namoonni gaggabdoo qaban hedduun konkolaataa waan hin oofneef, tarii konkolaataa keetiin isa geggeessuu ykn ergaa tokko tokko ergamuufii dandeessa.

Nama dhukkuba gaggabdoo qabu dhibeen kun dafee dafee akka itti hin kaane gochuun ni danda'amaa? Wantoonni dhukkubni kun akka namatti deddeebi'u godhan tokko tokko dhiphinaafi hirriba dhabuudha. Kanaaf ogeessonni fayyaa, namni dhukkuba kana qabu boqonnaa ga'aa akka argatuufi dhiphina isatti dhaga'amu hir'isuuf yeroo hundumaa sochii qaamaa akka godhu jajjabeessuu. Yeroo tokko tokkommoo yaalii fayyaadhaan dhibeen kun akka itti hin kaane gochuun ni danda'ama

***Baahiruu Gurmuutiin; Waajjira Bulchiinsa Aanaa Najjoo***

***Maddi: Toora interneetii***

**Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!**

# Beeksisa

## Arsii

Obbo Awwal Jaarraa qabiyyee lafaa Kaartaa Lakk. isaa DH001162/1218/A-1815/2007 ta'e, tajaajila mana jireenyaaf kan oolu,Magaalaa Dodolaa Ganda M/W keessatti galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate qabiyyee lafaa duraanii tajaajila alaa goonee kophii qabiyyee lafaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dodolaa

---

Obbo Abiyoot Balaach qabiyyee lafaa Kaartaa Lakk. isaa DH009154/00985/A-694/2003 ta'e,tajaajila mana jireenyaaf kan oolu,Magaalaa Dodolaa Ganda Anoolee keessatti galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate qabiyyee lafaa duraanii tajaajila alaa goonee kophii qabiyyee lafaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dodolaa

---

**Obbo Musxafaa Qamariitiif**
**Bakka Jirtanitti**
Iyyattuun Aadde Kadijjaa Huseeniifi waamamaa isin gidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 08/03/2018 sa'aatii 4:30 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Shari'aa Aanaa Magaalaa Asallaa.

---

Obbo Mubark Aliyyii kaartaa lakk.isaa 0261315 ta'e,maqaa Obbo Muhaammad Adam B/B Keyraddiin Abdusamadiin galmaa'ee jiru najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu kan biraa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa

---

Obbo Daanyee G/Abi Magaalaa Nageellee Arsii Ganda Malkaa Shaayii keessatti waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa Lakk.isaa 2310/97 kan ta'e dhaaltota N - 6n galmaa'ee jiru nu jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kan biro bakka bu'ee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Arsii

---

## Baale

Obbo Xaahir Abduljaliil Adursii lafa mana jireenyaa Bulchiinsa Magaalaa Roobee Ganda Baha Biiftuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu, waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaasaa Lakk.isaa 7439/14 ta'eefi Lakk.Galmee X-824 ta'e, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate galmeen yeroo banameefii tajaajila barbaadan hunda kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee

---

Obbo Musxafaa Kadiir Saaddoo lafa mana jireenyaa Bulchiinsa Magaalaa Roobee Ganda Odaa Roobe keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu, waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Kaartaasaa Lakk.isaa 2271/96 ta'eefi Lakk.Galmee M-844 ta'e,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate galmeen yeroo banameefii tajaajila barbaadan hunda kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee.

---

Iyyataan Obbo Mahaammad Huseen mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu She/ Jeeyilaan H/Muhaammaditti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyataan Obbo Eefireem G/Kiristoos mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Bakar Adamiitti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyataan Obbo Jaafaar Mahaammad mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Zagayyee Kabbadaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

Iyyattuun Aadde Sablee Damissee mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali'ina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Mulaat Shittaawutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

---

H/Amaan Abduramaan mana daldalaa Magaalaa Dinshoo Ganda 01 keessatti argamu, ballina $M^2$ 108.35 irratti argamu gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Dinshoo

---

**Boorana**
Obbo Solomoon Tasfaayee B/B Taammirat Mindaayee qabeenyummaa isaanii kan ta'e, mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Dannisaa Oliyyee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, Lakk.Kaartaasaa 666/BMN/01/01/01 ta'e, Aadde Ayyalach Baalchaa Lammiitti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. hin dhihaanne yoo ta'e gurgurtaan kun kan mirkanaa'uf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

---

Aadde Meelaat Geetinnat Shibaabaw qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Dannisaa Oliyyee (01) keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, lakk. saayit pilaanii 9047/B/M/N/01/01/02ta'e, Aadde Gannat Niguseetti gurgureera jedhaniiru, kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. hin dhihaanne yoo ta'e gurgurtaan kun kan mirkanaa'uf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

---

Obbo Adoolaa Uddeessaa Jiloo fi Aadde Caaltuu Neenqoo qabeenyummaa isaanii kan ta'e, mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Bururii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu, lakk.saayit pilaanii 9588/B/M/N/B/01/01/01 ta'e, Obbo Abdurhamaan Hassan Husseenitti gurgureera jedhaniiru, kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. hin dhihaanne yoo ta'e gurgurtaan kun kan mirkanaa'uf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

## Bunnoo Beddellee

Aadde Raamatuu Yimaam mana jireenyaa qabeenya hin sochoone Aanaa Gachii Ganda 01 Zoonii Dangiwaaj keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu, lakk. kaartaasaa MML-0378/2015 ta'e, Obbo Tamaam Dhaabaa Jamaalitti gurgurachuuf waan iyyataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Gachii

---

Obbo Aliyyii W/Ragaayi Takiluu mana qabeenya hin sochoone Aanaa Gachii Ganda 01 Zoonii Roob-Gabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu, lakk. kaartaasaa 153/2004 ta'e, Obbo Abbabee Bahataatti gurgurachuuf waan iyyataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Gachii

---

## Gujii

Obbo Yohaannis Boruu mana jireenyaa lakk.isaa OR003011106026 kan ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 131.17 irratti argamu Obbo Malaakuu Mandafirootiif kenneeraaf jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara fudhataatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Nugusee Barisoo mana jireenyaa lakk.isaa OR0030040102016 kan ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 263 irratti argamu Obbo Baddeessaa Uddeessaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

---

Obbo Aadde Gannat Tooruu mana jireenyaa lakk.isaa OR043020608004 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda L/Gafarsaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa 7664/16 kan ta'e Obbo Shuquu Gololeef waan kennaniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Obbo Sisaay Dirribaa Damee mana jireenyaa lakk. isaa AD/GLD/187 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Laga Dufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 3309/12 kan ta'e Obbo Dassaaleeny Daani'elitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

---

Aadde Adaanachi Basayyee Boonkoo mana jireenyaa lakk. isaa Aw/LG/08/009 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) daldalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Laga Gafarsaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 442.6 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 9748/17 kan ta'e Obbo Daffaloo Urjii Barcoocootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

# Aadaa

*Oliifan Raggaasaa*

# Adeemsa fuudhaafi heerumaafi faaya Shamarran Oromoo Walloo

Aadaan yaada baay'ee bal'aafi walxaxaa akkaataa jireenya hawaasa tokkoo qabu kan ibsu ta'ee taateewwan ilma namaa hunda waan gareen hawaasaa qabu, yaaduufi raawwatu mara hammata. Aadaan uumamaan waan saba yookaan garee tokkoof kenname osoo hintaane kan dhalli namaa adeemsa keessa tolfateefi amaleeffate yommuu ta'u dhalootaa dhalootatti barachuun daddarba. Jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti aadaan qaama baay'ee barbaachisaafi murteessaadha. Dhalli namaa hunduu aadaa mataasaa kan qabu yommuu ta'u, sabni kamiyyuu guutummaatti aadaa malee jiraachuu hin danda'u.

Uummanni Oromoos akkuma saba kamiiyyuu aadaa gabbataa kan mataasaa qaba. Aadaan nyaataa, uffannaa, mana ittiin ijaaran, Waaqeffannaa, sirna ittiin bulmaataa, ateetee, sirbaa, aadaa ittiin wal dhibdee furataniifi aadaan fuudhaafi heerumaa uummanni Oromoo qabu keessaa isaan muraasaadha. Aadaan gabbataan kunis dhiibbaawwan garaagaraa kallattii adda addaatiin osoo irra gahuu dandamatee dhalootaa dhalootatti har'a gaheera. Akkuma baay'inaafi bal'ina qubsuma uummatichaatiin aadaan uummanni Oromoo baay'ee bal'aafi bakkaa bakkatti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kanaaf, Gaazexaan Kallacha Oromiyaa maxxansa isaa marsaa kanaatiin aadaawwan uummata Oromoo Walloo keessaa aadeemsa aadaa fuudhaafi heerumaa akkasumas faaya misirroon godhattu irratti fuulleeffachuun Haadha Siinqee Oromoo Walloo Aadde Ashaa Arbiyyee Hassanee irraa waan odeeffate akkaataa armaan gadii kanaan qindaa'eera.

Oromoon Walloo Oromoota Kaaba Itoophiyaa Naannoo Amaaraa keessa jiraatu yoo ta'u aadaafi duudhaa mataasaa qabudha. Sabni kun dhiibbaawwan sirni nafxanyaa irraan gahaa tureef osoo hin jilbeenfatin aadaafi duudhaa akkasumas eenyummaasaa tikfachuun osoo hin sharafin asiin gaheera. Aadaafi duudhaa uummatichi wareegama kaffaluun tiksee asiin gahe keessaa inni tokko aadaa fuudhaafi heerumaati. Akka aadaa Oromoo wallootti ilmi tokko gaafa fuudhaaf gahe maatiin gurbaa kanaa haatiifi abbaan isaa wal mari'achuun ilmasaaniif intala ni taati jedhanii yaadan ni ilaaluufi. Erga ilaalan booda gosa intalaa ni qoratu. Gosti intala fuudhaaf barbaadanii yoo warra gaarii ta'e guyyaa Kamisaa abbaan gurbaa nama qajeelaa jaarsa ollaadhaa fudhachuun marga haammatee qooxii qabatee ganama suphii warra intalaa dhaquun ala dikeerra taa'ee 'warri kun jedha'. Abbaan gurbaafi jaarsi inni qabatee dhaqe erga akkanaa jedheenii booda yoo warri intalaa dhaga'an jalaa banu, yoo isaan dhaga'uu baatanis ollaan yeroo dhaga'u karra banaa nama jalaa jedhuuni. Erga maatiin intalaa karra jalaa bananii booda abbaa gurbaafi jaarsi isaan qabatanii dhaqan yeroo karra walakkaa gahan marga bubuusu. Wayita isaan karra keessa marga bubuusan abbaafi haati intalaa itillee dachaafatu. Sababnisaa warri intalaa kun intalasaanii kenuu yoo hin barbaadne yoo kan didan ta'ellee yoo itilleerra teechisan booda abbaan gurbaa itilleerra na teechiftee jechuutu dhufa waan ta'eef osoo intalasaanii kennuu hin beekne itilleerra hin teechisan.

Warri intala kadhaaf dhaqan kunis karra keessa marga bubuusanii seenuun kutaa jala taa'u. Achi taa'uun 'ilma rabbitu naa kenne, intala rabbitu sii kennee intala kee naa kenni' jedhu. Warri intalaas 'dhageenyee galaa' jedhuuni. Erga warri intalaa akkana jedhaniin booda abbaa gurbaafi jaarsi kadhaaf dhaqan sun deebi'anii galu. Warri intalaa immoo fira waamee firri mari'ata. Erga mari'atanii booda waan irratti walii galan sana yoo kennanis yoo didanis dhaamsa dhaamuufi. Yoo kennan ta'e nama erguun 'intala sii kennee deebi'aa' jechuun waamu. Guyyaa kanas mijuun ni dhaabbata. Abbaan gurbaafi jaarsi qajeelaan isaan filatan gara warra intalaatti ni deebi'u. Marroo lammeessoo kana abbaan gurbaa intalli 'tiyya taate' jedha. Wayita kana 'Rabbii dayi' waan jedhutu jiraa ni raawwatu. Rabbii dayii kanarratti marqaan ni marqamaa, buddeen ni qophaa'aa, maaddiin guutee ni qooddatu. Maaddii erga qooddatanii booda beellama biraa qabachuun galu.

Guyyaa beellamaa kana faaya intala sanaaf Amartii, Halkoofi Zaabii qabatanii dhaqu. Faaya qabatanii dhaqan sanas intalittiif godhu. Guyyaa kanas nyaataafi dhugaatiin gosa adda addaa qophaa'uun firaafi ollaan waamamuun kaadhimata. Intala kaadhimatan tanas yoon waan bara kana fuudhu ta'e, uwwisni ammuma uwwifama. Kana booda fuudhaaf ayyaana naa qabaa jedhee ayyaana qabuufi. Yoo waan bara kana hin fuudhan ta'e kan yeroo dheeraa ta'e immoo waggaa lama lamaan uwwifatu. Guyyaa kanas nyaataafi dhugaatiin qophaa'uun sirnichi gaggeeffama. Abbaan gurbaa yoo intala fuudhachuu fedhe garbuu bitee dhaquun 'ayyaana naa qaba' jechuun gaafata. Kana booda ayyaana qabuufi. Ayyaana kanas baatii tokkotti qabuufi. Kana booda gurbichaaf guyyaa cidhi boru jedhamu manni citaan ni ijaarrama. Mana kanas 'satalaa' jedhanii citaa irra naqanii kabu.

Guyyaa fuudhaa kanas abbaan gurbaa waayila angafa angafa qabdii lakkaawwatee yoo abbaan intalaa 'nama 10 ta'ii koottu' jedheen nama 15 ta'uun dhaqu. Guyyaa kana warra intalaattis warra gurbaattis nyaanni gosa gosaan ni qophaa'a.

Abbaan gurbaa waayillaan qabatanii warra intalaa dhaquun mucayyoo fudhatanii harka mirgaatiin isa dhiiraa harka bitaatiin ishee dubaraa muudanii intala warraa baasu. Kana booda gurbaan intala fudhatee gara warrasaatti galataani. Guyyaa fuudhaa san barii warra gurbaatii 'sa'a heexoo' jedhanii intalli fuudhan tun Siinqeefi lookoo qabattee dhoqqee itti dibatti. Eessumni isaammoo 'dhayiin sii dhaya' jechuun loon kenna, abbeeraanis ni kenna. Haadhaafi abbaanis kennuun mana baasu. Guyyaa warra deebii gara warra intalaatti deebi'an immoo abbaan intalaa, eessammanis goromsa akkasumatti firri ishii maallaqas haa ta'uu loon kennuun intala mana baasu.



**Faaya aadaa shamarranii**

- Halkoo: - Halkoon faaya aadaa ta'ee mormatti godhatama. Faaya kanas kan bituuf kaadhima.
- Amartii:- Faaya aadaa kana gurbaan fuudhu gaafa cidhaa intalaaf qabatee fuudhaaf dhaqa. Amartii kan godhatus ijoollee durbaa kan hin heerumneedha.
- Zaabii: - Zaabiin faaya aadaa ta'ee kan gurbaan fuudhu guyyaa fuudhaaf dhaqu Halkoofi Amartii waliin qabatee dhaquudha. Faaya kanas intalli heerumtu harkatti godhatti.
- Xinxila: - Xinxillis faaya aadaa gaarayyuun (jaalalleen) jaalalleesaaf bituudha.
- Ciraa: - Kunis faaya aadaa shamarranii kan jaalalleen intala jaalatuuf bituudha.
- Teepha: - Teephni faaya aadaa shamarran godhattu ta'ee kan teepharraa hojjatama. Kanas jaalalleetu intala jaalatuuf bita.
- Shiftaa: - Shiftaan faaya intalli takka yeroo heerumtu haatishii bittuufidha.
- Dagaagaa: - Dagaagaan faaya aadaa intalli takka gaafa heerumaaf kaate mormatti godhattuudha. Innis ilmoolee jaha qaba. Faaya kana haati intalaaf kan bittu yoo ta'u, jaalalleenis intala jaalatuuf dhoksaan ni bitaafi.
- Baarudii: - Baarudii kunis faaya aadaa ta'ee inni kun yeroo hunda kan godhatamuudha. Faaya kana ijoollee durbaa qofa osoo hin taane dargaggeeyyiin dhiiraas godhachuu danda'u. Innis mormatti hidhatama.
- Xixximmoo: - Xixximmoon faaya aadaa harkatti godhatamu yommuu ta'u, faaya kana kan bituuf dhirsa.
- Qawwisa: - Qawwisaan faaya aadaa shamarran gurratti godhataniidha. Isas warratu bitaafi. Harka caalu haadhatu bitaafi.
- Ciccillee Karrisaa: -Kunis faaya aadaa shamarranii kan gaarayyuun jaalalleesaaf bituudha.
- Ciraa: - Ciraan faaya aadaa shamarran addarratti godhattu yommuu ta'u innis eegee fardaarraa kan hojjatamuudha.
- Callaa/Duriyii: - Kunis faaya aadaa shamarran yeroo heerumaa addatti godhattuudha.
- Xuuphoo: - Xuuphoon faaya aadaa shamarri heerumtu yeroo heerumaa addatti godhattudha.
- Guftaa: - Guftaanis faaya aadaa dubartoonni mataatti godhattuudha. Kanas gurbaan intala fuudha dhufu haadha ishiitiif, haadha abbaatiif bitee dhufa.
- Alboo: - Alboon faaya aadaa intalli gaafa heerumtu miilatti godhattu yoo ta'u warratu bitaafi. Alboon kunis gosa lama qaba. Isaanis Alboofi Alboo Zirgib jedhamu.
- Sabbata: - Sabbannis faaya aadaa shamarran hidhatan yommuu ta'u, kan bituufis warra isheeti. –Jaanoo: - Kunis faaya shamarran godhatannifi kan warri isheef bitaniidha.
- Dasaa: - Dasaan faaya aadaa ta'ee yeroo kaadhimamummaa kaawwatama. Yeroo kanatti aadaadha waan ta'eef hin hafu jechuudha.
- Siinqee: - Siinqeenis meeshaa ulfoo aadaa ta'ee isas abbaan intalaa muree mana citaa keessa kaa'uun qopheessa. Gurbaan fuudhaf dhufus wayita fuudhaaf dhufu lookoo lamaafi Siinqee tokko qabatee dhufa. Ishiinis Siinqee abbaan qopheesseef qabattee eegdi. Achii booda gurbaan intala fudhatee lookoo lamaafi Siinqee lama harkatti qabatee Gaangee irra kaawwachuun intala fudhatee gala jechuudha.

Aadaan dilbiin kun yeroo ammaa kana laafaa waan jiruuf mootummaanis ta'ee hawaasni akkasumas jaalattoonni aadaa xiyyeeffannoo itti kennuun bakkasaa ganamaatti akka deebi'u hojjachuun barbaachisaadha.

***Madda: Haadha Siinqee Oromoo Walloo Aadde Ashaa Arbiyyee Hassanee***

Obbo Eefreem Mokonnin mana daldalaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu ,Obbo Umar Haajiitti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbbo Mukraa Digaafee mana daldalaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 477 irratti argamu ,Obbo Taammiruu Xonnaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Jalataa Nagasaa mana daldalaa lakk.isaa OR003031206017 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,Obbo Turee Yohaannisitti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Wagayyoo W/Gabri'eel mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Andu'aalam Takiletti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Wagayyoo W/Gabre'eel waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa WMMLMSh/2134 ta'e najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa kan biro bakka buusuun kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Saaraa H/Yesuus mana jireenyaa lakk.isaa Aw/God/302-05 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Birbirsa Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu, lakk.Kaartaa isaa 4063/13 kan ta'e Aadde Mirtinesh Gurmuutti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Aadde Caaltuu Odaa Guutuu mana jireenyaa lakk.isaa Aw/GOD/319 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 200 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 1081/12 kan ta'e Obbo Tasfaayee Xilaahunitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Sewannet H/Maariyaam Magaalaa Bulee Horaa Ganda Bulee Qilxaa mana Jireenyaa qorqorroo balbala tokkoo lakk.kaartaasaa BH/180/S.5/2013 ta'e ,ballina $M^2$ 200 irratti argamu Obbo Alamuu Bokkootti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Roobaa Danbii Magaalaa Bulee Horaa Ganda B/Qanyaa mana Jireenyaa balbala tokkoo lakk.kaartaasaa BH/923/R.102/2013 ta'e ,ballina $M^2$ 462 irratti argamu Dabboo Dhugootti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Mogas Abbebee Ashaangoo Magaalaa Bulee Horaa Ganda Bulee Qilxaa mana Jireenyaa balbala lamaa lakk. kaartaasaa OR011040106020 ta'e ,ballina $M^2$ 345 irratti argamu Obbo Bulee Galchuu Abbaabendaatti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Taaddalee Garee Magaalaa Bulee Horaa Ganda Ardaa Biyyaa mana balbala tokkoo lakk.kodii OR011030712002 ta'e ,ballina $M^2$ 390.09 irratti argamu Obbo Garramuu Kabbadaatti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

Aadde Yelibenworqi Ayinaalem Magaalaa Bulee Horaa Ganda Burqaa Midhiddii mana Jireenyaa balbala sadeetii lakk.kaartaasaa OR011020208005 ta'e ,ballina $M^2$ 760.958 irratti argamu, Obbo Gobaanaa Areeriitti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Gammachuu Dureessaa Magaalaa Bulee Horaa Ganda Ardaa Biyyaa mana Jireenyaa balbala tokkoo lakk.kaartaasaa OR011030619011 ta'e ,ballina $M^2$187.912 irratti argamu ,Obbo Waaqoo Areeriitti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Angaasaa Tasfaayee Magaalaa Bulee Horaa Ganda Ardaa Biyyaa mana Jireenyaa balbala tokkoo lakk.kaartaasaa OR011030617004 ta'e ,ballina $M^2$229.092 irratti argamu Obbo Waaqoo Areeritti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Baarxumaa Mitikkuu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu ,Obbo Sintaayyoo Tamasgeenitti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Taaddalech Wandimmuu mana daldalaa lakk.isaa O/D 33/01-08 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana daldalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Gandaodaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina $M^2$ 135.5 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 7391/15 kan ta'e Obbo Bariisoo Waaqootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Geetachoo Maandefroo mana jireenyaa lakk.isaa OR003011006021 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 290 irratti argamu ,Obbo Taaddalaa Alamaayyootti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Daawwit Gabbannaa mana jireenyaa lakk.isaa OR003011100636 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 148.25 irratti argamu ,Obbo Geetachoo Maandafirootti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Nageessaa Mahammed mana jireenyaa lakk.isaa OR003010902003 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 625.8 irratti argamu , ballina $M^2$ 200 irraa qoodanii Obbo Nageessaa Kottolaatti gurgureera jedhaniiru,.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Wayinisheet Abbaay mana jireenyaa Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 170.87$M^2$ irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 7829/16 kan ta'e Aadde Abeenezer Walda-mikaa'elitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

# Iluu Abbaa Boor

Obbo Taarikuu Nugusee mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu keessaa qaban ballina $M^2$ 200 irratti argamu, Aadde Lalisee Tolosaatti gurguradheera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Hurrumuu

Obbo Isumaa'eel Ibraahiim mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu keessaa qaban ballina $M^2$ 200 irratti argamu, Tuujubee Ofgahaatti gurguradheera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Hurrumuu

Obbo Seefuu Solomoon mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii Deg/Baasii keessaa qaban ballina $M^2$ 200 irratti argamu, Obbo Musxafaa Shifaatti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Hurrumuu

Aadde Yeshii Alamuufi Obbo Zalaalam Sisaay mana jireenyaa Magaalaa Mattuu Ganda G/Odaa keessaa qabaan lakk.kaartaasaa 4381/02/2016 kan ta'e, ballina $M^2$ 200 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu,sadarkaa iddoo 2ffaa, tajaajila iddoo R2 kan ta'e, Aadde Dirshaayee Ammahaatti gurguranneerra jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Aadde Asnaaqech Jamaal mana jireenyaa Magaalaa Mattuu Ganda Q/Kormaa keessaa qaban, lakk.kaartaasaa 2174/03/2009 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 348.8 irratti argamu,sadarkaa iddoo 1ffaa ,tajaajila iddoo (CO) kan ta'e,karaa bakka isaanii Obbo Tashoomee Gabreetiin Obbo Mahaammad Abduutti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Aadde Asnaaqeech Jamaal mana jireenyaa Magaalaa Mattuu Ganda Q/Kormaa keessaa qaban,lakk.kaartaasaa 297/03/95 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 350 irratti argamu,sadarkaa iddoo 1ffaa ,tajaajila iddoo mana jireeenyaa kan ta'e,karaa bakka isaanii Obbo Tashoomee Gabreetiin Aadde Wayinesheet Yirgaatti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Obbo Mubaarik Asaffaa Magaalaa Bachoo mana jireenyaa balbala tokkoo Lakk.kaartaasaa 590/WQHL/2018 ta'e, ballina $M^2$ 188 irratti argamu, Obbo Baraantoo Mollaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Mana Qopheessaa Guddattuu Magaalaa Bachoo

Aadde Taarikee Taammiruu mana jireenyaa balbala tokko Magaalaa Bachoo keessaa qaban Lakk.kaartaa 579/WQHL/2017 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekamu lafa $M^2$ 200 irratti ijaaramee jiru Obbo Hasan Mohammadditti waan gurguraniif akkataa Labsii Liizii 721/2004 tiin jijjiirraa maqaa waan raawwannuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu, kan hin dhiyaanne taanaan jijjiirraa maqaa kana kan rawwatamuuf ta'uu ni beeksifna. Mana Qopheessa Guddattu Magaalaa Bachoo

# Shawaa

**1ffaa Aadde Mabraatee Sarraallinyiitiif**
**5ffaa Burtukaan Sarraalinyiitiif**
**6ffaa Abaraash Sarraalinyiitiif**
**Bakka Jiranitti**

Himataan Obbo Xilaahun Sarraalinyiifi himatamtoota isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan 1ffaa, 5ffaa fi 6ffaa kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 20/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhiyaattanii deebii keessan barreeffamaan kennattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Waacaalee.

**Obbo Reediwaan Nasireetiif**
**Bakka Jirtanitti**

Himataan Obbo Eeliyaas Ahimad Sarbeechaafi Himatamaan isin gidduu falmii maallaqaa jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 18/02/2018 sa'aatii 3:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Daabee.

**Caalbaasii**

R/Himattuun Aadde Dirribee Fiqaaduufi R/Himatamaan Obbo Fayyisaa Rattaa jidduu falmii jiru ilaalchisee mana jireenyaa falmiif ka'umsa ta'e Aanaa Waacaalee ganda qonnaan bulaa ingooyyee gordomaa keessatti argamu ka'uumsa caalbaasii qarshii 60,000tiin nama gatii olaanaa dhiyeessetti caalbaasii ifaa ta'een gaafa 07/03/2018 sa'aatii 3:00 - 6:00tti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu qaamaan dhiyaattanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Waacaalee.

---

Yaamiroot Mokonnin kaartaa lakk.isaa L/2192/2001 ta'e,mana galmee keessaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni idaadhaanis ta'ee ,haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee kaartaa biroo baafachuu kan danda'an ta'uu beeksifnma.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Obbo Minyawgaaw Zarihuun nagahee lakk.isaa 383253 ta'een galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni idaadhaanis ta'ee ,haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (nagahee) biroo baafachuu kan danda'an ta'uu beeksifnma.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Obbo Mulugeetaa G/Igzabiheer nagahee lakk.isaa 1506106 ta'een galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni idaadhaanis ta'ee ,haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (nagahee) biroo baafachuu kan danda'an ta'uu beeksifnma.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Obbo Nadhaasaa Teessisaa Magaalaa Walisoo Ganda Ejersa keessatti ragaan mana jireenyaa kaartaa lakk.isaa W/475/93 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan kan kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate garaa kaartaa manaa haaraa kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaagaa Walisoo.

---

Obbo Doddotaa Gannaa Hamdaa Kutaa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhiitti mirkaneessi qabiyyee lakk. seeriyaalii OP0018577 fi lakk.cittuu lafaa OR042042817006 ta'e,maqaa isaamiitiin galmaa'ee ballina M$^2$ 519.9 irratti argamu,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate abbaa qabiyyeef kaartaan mirkaneessa qabiyyee biroo hojjetamee kan kennamuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Kaadaastaraa Kutaa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhii

---

Obbo Taklee Tulluu Fufaa Magaalaa Muka Xurrii Ganda Horsiis keessatti kaartaa lakk.isaa WBIFLM497/2013 ta'e,ballina M$^2$ 210 irratti argamu, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Muka Xurrii

---

**Caalbaasii**

Raawwiin himataan Obbo Kabbadaa Hirphasaafi Raawwiin himatamaan Obbo Seenaaf Dhaabasaa jidduu falmii raawwachiisaa murtii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Kutaa Shan qabu, Magaalaa Walisoo Ganda Ejersaa keessatti ballina M$^2$ 561 irratti argamu, qabeenyummaan isaa kan Murtii Abbaa Idaa kan ta'e, gatii timaama ka'umsa caalbaasii qarshii 2,816,546.88n gaafa 08/03/2018 sa'aatii 3:00 - 6:30tti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomtanii bitachuu barbaaddan kabachiisa caalbaasii ¼ CPO qabsiisuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa

---

**Aadde Fariyaa Muhaammaditiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Obbo H/Gamoo Waaqee faa N-3 fi waanamtuu isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtuu 6ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 24/02/2018 sa'aatii 5:00 irratti deebii keessan qabattanii akka dhihaattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e, mirgi deebii keessan kennachuu kan bira darbamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Boolee.

---

Aadde Wayinisheet Geetachoo Magaalaa Shanoo Ganda Odaa Kunii waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 101/2001 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa biraa kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shanoo

---

Golden Seria Absinia PLC Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Duukam Aanaa Gogeechaa keessatti qabiyyee industiriif fudhatan, kaartaa lakk.isaa IN-017/07 ta'e,ballina M$^2$ 23000 irratti maqaa Golden Seria Absinia PLC'n galmaa'ee argamu,kaartaan orjinaalli nu jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti yoo dhihaachuu baate kaartaa kan biraa kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu

---

Obbo Nugusee Dajanee mana jireenyaa Aanaa Malkaa Adaamaa keessatti galmaa'ee beekkamu,kaartaa lakka. isaa 6866/82 ta'e,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate ragaan kaartaa kan biraa hojjatemee kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Lafaa Kutaa Magaalaa Dambalaa

---

Obbo Addunyaa Dandanaa bakka bu'aa seeraa Aadde Immabeet Geetaneh iddoo mana jireenyaa Kutaa Magaalaa Duukam keessatti argamu nagahee lakk,isaa 2435366 ta'e, maqaa Aadde Immabeet Geetanehiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate nagahee koppiin kan keessummeessinu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam

---

**Caalbaasii**

M/A/Mirgaa Asiraat Fissahaa fi M/A/Idaa Tarkilee Mulugaataa falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Mojoo Ganda 02 keessatti maqaa haadha warraa murtii abbaa idaa Aadde Xuriyyee Gabreen galmaa'ee argamu.lakk.kaartaasaa 21110639 ta'e,gatii ka'umsa caalbaasii qarshii 1,804,907.25n, gaafa 13/03/2018 sa'aatii 3:30tti waan gurguramuuf namoonni bitachuu barbaaddan ka'umsa caalbaasii ¼ CPO baankii siinqeetti qabsiisuun iddoo manichi argamutti qaamaan argamuun ykn karaa bakka bu'aan argamuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Adaamaa

---

**Obbo Caalaa Dhaabaatiif**
**Bakka jirtaniitti**

Himataan Obbo Mangistuu Abbashuufi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 18/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Jalduu

---

**Obbo Jamaal Abdoosheetiif**
**Bakka Jiranitti**

Himataan Akkadaamii Gaaddiduu W/DH/I/Murtaa'e fi himatamaa isin jidduu falmii siivilii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 18/03/2018 sa'aatii 8:00 irratti deebii keessan qopheeffatanii dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,dhimmichi bakka isin hin jiretti ilaalamee murtii kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Adaamaa

---

**Obbo Magarsaa Anbassaatiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Vizhiin Fandii fi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan 2ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,falmiin bakka isin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggar

---

Obbo Hayiluu Waaqumaa Magaalaa Walisoo Ganda Ayeetuu keessatti ragaan mana jireenyaa kaartaa lakk. isaa W/715/94 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kaartaa manaa haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo

---

Obbo Baqqaalaa Rattaa nagaheen mirriitii lakk.isaa 155750 ta'een galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni idaadhaanis ta'ee,haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate nagahee biro baafachuu kan danda'an ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa

---

Obbo Burukuu Geetachoo Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Abbichuutti nagahee mirriitii lakk.isaa 935588 fi kaartaan mana jireenyaa lakk.isaa Sul/9793/14 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru najalaa badeera jedhanii iyyataniitru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate ragaa biraa kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Kaadastaraa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu

---

Aadde Magartuu Baqaalaa nagahee lakk.isaa 1382886 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu najalaa badeera jedhanii iyyataniru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate nagahee mana jireenyaa biraa hojjennee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa Sulultaa

---

Obbo Birhaanuu Zawudee nagahee lakk.isaa 195957 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'e waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf iyyataniiru. kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate ragaa bade kan bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

---

Obbo Addisuu Tasfaayee qabeenyummaa isaanii kan ta'e, Bajajii Lakk.Gabatee 1-A26824OR Lakk. Shaansii MD2A25BX0NWF89350,Lakk.Mootoraa AZXWNF04922 ta'e, Libireen na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti yoo dhihaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf Libiree bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Ejjensii Geejjibaa Godina Shawaa Kibba Lixaa

---

Abiyoot Shawaangizaaw mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Malkaa Adaamaa keessaa qaban, kaartaasaa lakk.isaa OR130011505194/12/08 ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihachuu baate kaartaa biraa hojjannee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Dambalaa

---

Obbo Bayyanaa Raggaasaa mana jireenyaa Magaalaa Mandiidaa Ganda Galaan Qaxanaa 2 keessatti ballina M$^2$ 300 irratti argamu,Aadde Damooz Darrasaatti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandiidaa

---

Aadde Sannaayit Baalchaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Biiqqaa keessatti ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 2314/14 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka akka kennamuuf iyyaataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kaartaa kan biro hojjannee kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa

---

Obbo **Zawuduu Biraanuutiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Dhaabbata Walfaanaa Internaashinaalii Tireeding Horsiisa Horii Aannaniifi Lukkuu P.L.C fi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 20/02/2018 sa'aatii 3:30 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e,falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Walmaraa

Muuxannoo

Masarat Amanaa

# Wiirtuun tajaajilaa iddoo tokkoo Magaalaa Shaggar hundeeffamee rakkoo tajaajilaa furuu keessatti gahee inni bahatu

Kenninsi tajaajila mootummaa guddina hawaas-dinagdee biyya tokkoo irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu ragaaleen adda addaa ni mul'isu.

Tajaajilli manneen hojii mootummaa biyya keenyatti barootaaf kennamaa ture fedhii lammiilee giddugaleessa kan hin taasifannee fi jijjiirama siyaas-dinagdee fi hawaasummaa Addunyaan irra geessee jirtu hubannoo keessa galchaa kan hin deemne ta'uu caalaa guddinaa fi jijjiirama hawaas-dinagdee biyya keenyaa irratti dhiibbaa qabaachaa tureera.

Haalli kun ummanni kenninsa tajaajilaa manneen hojii mootummaa irraa itti quufinsa akka hin qabaanne, tajaajilli kennamus tuttuqaa irraa bilisa kan hin taane, rakkoo haqummaa, qindoominaa fi qaqqabummaa kan qabu ture. Rakkoo kana furuuf yeroo adda addaatti riifoormiiwwan garagaraa gaggeeffamaa turanis rakkinicha bu'uurarraa hiikuu hin dandeenye. Haalli ture kun ummata rakkinoota walxaxaa hedduuf saaxiluun hariiroo mootummaa fi ummataa irratti dhiibbaa uumaa tureera. Ajandaawwan jijjiiramni waggaa torba dura biyya keenyatti akka dhufuuf sababa ta'an keessaas kenninsi tajaajilaa isa tokkodha.

Hoggansi jijjiiramaas dhimma kana hundeerraa hubachuun kenninsa tajaajila manneen hojii mootummaa ammayyeessuu fi bu'uurarraa jijjiiruuf tarkaanfiiwwan adda addaa fudhachaa jira. Tarkaanfiiwwan gama kanaan fudhatamaa jiran sadarkaa guddina hawaas-dinagdee biyyi keenya yeroo ammaa irra geessee jirtu hubannoo keessa kan galchedha. Riifoormiin dhaabbilee kenninsa tajaajilaa ammayyeessuufi qaqqabamaa taasisuuf fudhataman dhimmoota sadi bu'uura kan godhatedha.

Tokkoffaan, mootummaan tajaajila lammiileen barbaadan qulqullina, haqummaa, qaqqabamaa fi kabaja lammiilee mirkaneesseen kennuuf ittigaafatamummaa qabaachuu isaati. Kanaaf, ammoo tajaajilli kennamu fedhii lammiilee giddugaleessa kan godhate ta'uutu irra jiraata. Riifoormiiwwan gama kanaan fudhatamanis kana hubannoo keessa kan galchanidha. Lammaffaa, lammiileen haal-duree irraa barbaadamu guuttachuu fi sochii mootummaan tajaajila ammayyeessuuf taasisu keessatti hirmaannaa ho'aa taasisuu akka qaban kan akeekudha. Hojiirra oolmaa riifoormii mootummaa fi tajaajila mootummaa ammayyeessuu keessatti lammiileen gahee olaanaa qabu. Sadaffaan, jijjiirama Addunyaan irra jirtu ilaalcha keessa kan galchedha. Jijjiiramaa fi dorgommii jabaa Addunyaan keessatti argamtu keessatti dorgomaa ta'uuf tajaajilli mootummaa bu'uurarraa ammayyaa'uu fi Addunyaan kan wal gite ta'uu qaba.

Haalota kanneen bu'uura taasifachuun tarkaanfiin tajaajila mootummaa fooyyessuuf sadarkaa federaalaatti Wiirtuu Tajaajilaa (MESOB) hundeessuun eegalame sadarkaa hundatti hojiirra akka oolu taasifamaa jira. Magaalaa Shaggarittis Wiirtuun Tajaajilaa hundaa'uun hojiin eegalchiifamee jira.

Wiirtuun tajaajilaa, tajaajilli kennamu fedhii lammiilee giddu-galeessa kan godhate taasisuu, mootummaafi lammiilee gidduutti walitti dhufeenya gaarii uumuu, al-seerummaa, al-naamusummaafi hojimaata duubatti hafaa hambisuu, sirna iftoominaa kenna tajaajilaa dijiitaalessuu, saffisiisuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuu kan bu'uureffatedha.

Kunis, lammiileen ragaawwan guuttachuun irraa eegamu guuttachuun tajaajila barbaadan bakka garagaraa deemuun deddeebii fi baasiif osoo hin saaxilamiin yeroo gabaabaa keessatti tajaajila qulqullina qabu bakka tokkotti akka argatan kan taasisudha. Kanaafis, tajaajilamaan tajaajila barbaade argachuuf tajaajilamaa ta'uu qofti gahaadha.

Akka biyya keenyaattis, qorannoo yeroo garagaraa gaggeeffameefi komii hawaasaa sassaabameen tajaajilli manneen hojii mootummaa keessatti tajaajilamtootaaf kennamaa jiru qulqullina kan hin qabnee fi hawaasa kan hin gammachiifne tahuun hubatamee, rakkicha bu'uura irraa furuuf ejjennoo fi kallattii mootummaa tahee xiyyeeffannoo olaanaa argatee hojjetamaa fi hordofamaa jira.


Yaadamni kunis, muuxannoo biyyoota Afrikaa akka Ruwaandaa fi Keeniyaa akkasumas biyyoota Afrikaan alaa kenninsa tajaajilaatiin jijjiirama bu'uuraa fidan irraa kan qooddatame yoo tahu, rakkoo kenna tajaajilaa akka biyyaatti jiru bu'uura irraa furuun fedhii tajaajilamtootaa guutuun hariiroo mootummaa fi ummata jidduu jiru cimsuuf gumaacha olaanaa qaba.













Haaluma kanaan, tajaajila qulqullina qabu teknoloojiin deeggaruun lammiileef kennuu galma ijoo tokko taasifachuun kan hundoofte Magaalaa Shaggarittis, tajaajilamtoonni tajaajila si'ataa teknoloojiin deeggarame karaa guutuu taheen bakka tokkotti akka argatan taasisuun rakkoolee kenna tajaajilaa bal'inaan mul'ataa ture furuuf Wiirtuun Tajaajilaa Magaalaa Shaggar hundeeffamee tajaajila saffisaa, qindaa'aa, teknoloojiin deeggaramee fi qulqullina qabu lammiileef kennaa jira.

Ka'umsi isaas tajaajilli akka magaalichaatti kennamu bittinnaa'aa ta'uu, rakkoon qulqullina tajaajilaa jiraachuu, barbaachisummaa teknoloojii, tajaajilli kennamu fedhii lammiilee kan bu'uureffate tahuu hafuu, sekteraaleen tajaajila wal fakkaataa akkaataa wal fakkaataa tahee fi qindoominaan kennuu dhabuun isaan ijoodha.

Haaluma kanaan, sekteraalee komiin itti baay'atuu fi tajaajiloota walitti dhiyaatan adda baasuu, hojiiwwan adda baafamaniif istaandardii baasuu fi humna namaa gitawwan hojii adda bahan irratti tajaajiluu danda'an qormaataan adda baasuun hojiitti akka seenan taasisuun kan eegale yoo tahu, kunis galma magaalichaa gama tajaajilaan jiru dhugoomsuuf kan bu'uureffatedha.

Tajaajila Wiirtichaaf bakka hojii mijeessuu fi teknoloojii hojichi barbaadu kanneen akka E-sarvisii, QMS kan tajaajilamtoota dabaree qabachiisu, teknoloojii DMS tajaajila kennamuu fi ogeessa tajaajila kennu kan madaalu, kaameeraa dabalatee teknoloojiiwwan barbaachisan guutamuun hojii hojjetamuu eegalameenis itti quufinsii fi amantaa ummanni kenninsa tajaajila mootummaa irratti qabu dabalaa jira.

Wiirtichatti tajaajiloota 141 sektaroota 32 keessatti kennaman foddaawwan 12'n bakka tokkotti kennuuf kan qoratame yoo tahu, hanga ammaatti tajaajiloonni garaa garaa 82 ta'an foddaawwan saddeetii(8)n kennamaa jiru.

Bara bajataa 2018 hanga guyyaa har'aattis lammiileen 10,049 Wiirtuu Tajaajilaa Magaalaa Shaggaritti tajaajila si'ataa teknoloojiin deeggarame akka argatan ta'ee jira.

Kunis, tajaajilamtoonni deddeebii fi baasii dabalataaf akka hin saaxilamne gochuu cinaatti teknoloojiitti akka madaqaniifis gumaacha guddaa taasisaa jira.

Tajaajiloota kennamaa jiraniin itti quufinsi maamilaa giddu-galeessaan dhibbeentaa 99.4 irra gahuu duub-deebii tajaajilamtootaa galmaa'ee jiru irraa argame ni mul'isa. Magaalaa Shaggaritti wiirtuu kana sadarkaa Kutaalee Magaalaatti babal'isuun tajaajila qaqqabamaa kennuuf hojjetamaa jira.

Tajaajila si'ataa teknoloojiin deeggarame lammiileef kennuu galma akka magaalichaatti qabame milkeessuuf tajaajilamtoonni ragaawwan guuttachuu qaban guuttachuu kan qabu yoo tahu, ogeessonnis itti fayyadama teknoloojii irratti of gahoomsuun tajaajila qulqullina qabu sirnaan kennuun irraa eegama.

Kana malees, Wiirtichi akkaataa istaandardii taa'een hojjechuu kan qabu ta'ee, hogganssi siyaasaas dhimmi kenna tajaajilaa ejjennoo fi kallattii Paartii fi Mootummaa tahuu hubachuun xiyyeeffannaa kennuun murteessaadha. Tajaajilamtoonnis kutannoo mootummaan tajaajila saffisaa, qaqqabamaa fi qulqullina qabu kennuuf qabu hubatanii haal-dureewwan tajaajila argachuuf isaan dandeessisu guuttatanii argamuun tajaajilamuu qabu.

*Madda Waajjira Kominikeeshinii Bul.Mag. Shaggar*

**Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti**

# Dinagdee

*Mitikkuu Taakkalaa*



## Naannoo Oromiyaatti sochii kunuunsa qabeenya uumamaa waggoottan jahan darbanii

Naannoo Oromiyaatti waggoottan ja'aan darbanitti hawaasni duulaan kunuunsa qabeenya uumamaarratti qooda akka fudhatu taasisuun hojii hojjetamaa tureefi ammas ittifufinsaan hojjetamaa jiruun bu'aawwan gurguddaan akka naannoo keenyaatis ta'e akka biyyaatti argamaniiru.

Rakkoowwan gurguddoon addunyaa keenyatti qormaata ta'aa jiran keessaa tokko rakkoo jijjiirama qilleensaati. Gaaga'ama hawaas-dinagdee jijjiirama qilleensaan mudatan kana qolachuuf qabeenyi bosonaa, biyyoofi bishaanii akka hin miidhamne taasisuufi dinagdee magariisa ijaaruuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jira.

Naannoon Oromiyaa ammoo hojilee gama kanaan akka biyyaatti hojjetamaa jiran keessatti adda durummaan eerama. Keessumattuu, hojiiwwan gama kunuunsa qabeenya uumamaatiin waggoota jijjiiramaa jahan darban keessatti hojjetaman madaala uumamaa bakkatti deebisaa jiraachuu bira darbanii maqaa gaarii biyya keenyaa sadarkaa idil-addunyaatti ijaaraa jiru.

Waqtii Bonaa kanatti hojii tajaajila lammummaatiin bu'aawwan hanga ammaatti argaman itti fufsisuuf, qabeenya uumamaa eeguu, kunuunsuufi itti fayyadamuun dirqama lamilee hundaa ta'uu hubachuun guutuu Oromiyaa bakkeewwan garaa garaatti kunuunsii qabeenya uumamaa ni hojjetamu.

Haaluma kanaan Oromiyaatti bara kana hojii kunuunsa qabeenya uumamaatiin lafa heektaara miiliyoona 3.2 misoomsuuf hojjetamaa jiraachuu Biiroon Qonna Oromiyaa Beeksise.

Naannoo Oromiyaatti bara kana hojii kunuunsa qabeenya uumamaatiin lafa hektaara miliyoona 3.2 kenna tajaajila lamummaa Bona kanaan misoomuuf karoorfamee hojjetamaa jiraachuu Biiroon Qonna Oromiyaa ibse

Hoogganaa Itti Aanaan Biiroo Qonnaa Oromiyaa Obbo Eeliyaas Kadir, Mootummaan Naannoo Oromiyaa gaaga'ama jijjiirama qilleensaa sadarkaa idil-addunyaafi akka naannoo keenyaatti mudatu hundeerraa furuun jiruufi jireenya qonnaan bultoota naannichaa hundeerraa fooyyessuuf inisheetiiviiwwan bocaman keessaa hojiin uumama kunuunsuun bakkatti deebisuuf xiyyeeffannoo hojii hojjatamaa tureen bu'aawwan hedduun argamuu ibsan.

Naannoo Oromiyaatti waggoottan jahan darban biqiltuun gosa adda addaa biiliyoona 27.8 dhaabamuun kunuunfamaa kan jiraniifi kana keessaas harki 84.5% qabachuu danda'uu ibsanii, kanaanis uwwisni bosona naannichaa harka 17 irra ture harka 29 tti ol guddachuun, bosona misoome irraas hawaasni keenya akka fayyadamu ta'eera jedhan.

Hojiilee eegumsaafi kunuunsa qabeenya uumamaa hojjatamaa turan kanaanis bu'aawwan hedduun ergamuu ibsanii, maddeen bishaanii, laggeeniifi haroowwan goganii turan kanneen akka Haroo Haramayyaa, Odaa Bultum, Carcariifi haroowwan Oromiyaa keessaa bakka hedduutti goguun badanii turan bakkatti deebi'uu akka fakkeenyaatti eeran.

Dabalataanis, dargaggoota hedduuf carraan hojii uumamauu kaasanii, hojii kunuunsa qabeenya uumamaa Bona eegumsa biyyeefi bishaanii kenna tajaajila lamummaa hojjetameen gaarreen tuttuqqaarraa bilisa ta'aniifi Ganna ammoo ashaaraa magariisaan hojjataman irratti dargaggoota hedduun waldaa gurmeessuun misooma dammaa, furdisa looniifi horii aannanii irratti hojjetanii of jijjiiraa jiru jedhan.

Kunuunsa qabeenya uumamaa waggootatan darban hojjetamaa turaniin oomishaafi oomishtummaan dabaluun jijjiiramni dinagdee qonnaan bulaa keenya biratt kan mul'ateefi godaansi baadiyyaa gara magaalaatti taasifamaa ture hir'achuun hawaasni keenya uumama kunuunsuun uumamarraa fayyadamaa jiruufi jireenyasaa akka fooyyeffatu ta'eera jedhan.

Hawaasni keenya uumama kunuunsuun uumama faana waliigalee uumama irraa fayyadamuun jiruufi jireenyasaa akka gaggeeffatuuf hojiin kunuunsa qabeemya uumamaa hojii filannoo utuu hin taane dirqama dhaloota hundaa ta'uus dubbataniiru.

Bara 2017 darbetti hojiiwwan kunuunsa qabeenya uumamaa hojjetameen sulula kuma 6fi 495 lafa heektaara miiliyoona 3.3 irratti misoomsuun gaarreen Oromiyaa hedduun isaanii misoomaniiru jedhan.

Gama hojii Ashaaraa Magariisaatiin naannoon keenya




*Obbo Eliyaas Kadir Hog/I/A/Biiroo Qonna Oromiyaa*

bara 2017 biqilaa biiliyoona 5.3 qopheessuun haala qabatamaa qilleensa naannichaan biqilaa biiliyoona 4.87 dhaabuun danda'ameera kan jedhan Obbo Eeliyaas, biqilaa bara darbe dhaabbatan bara kana Fulbaana 27, 2018 hanga Onkoloolessa 27, 2018 duulaan kunuunsuuf labsii labsameen hanga ammaatti qaamoleen hawaasaa miiliyoona 7 hirmaachuun biqiltuun biiliyoona 2.5 ta'u kunuunfamuu danda'eeras jedhaniiru.

Bara 2018 kanatti biqiltuuwwan gosa adda addaa biiliyoona 5.5 dhaabuu karoorfamee hojjetamaa jiraachuu himanii, biqilaan dhaabamu kunis harki caalaan muduraawwan nyaataaf oolan akka ta'e dubbataniiru. Kanaafis hojiin sanyii qopheessuun raabsuu akkasumas buufataaleen biqilaa qophaa'aa jiraachuu himaniiru.

Hojii kunuunsa qabeenya uumamaaf ijoo kan ta'e hojii eegumsa biyyoofi bishaanii bara kanaan lafa heektaarri miiliyoona 3.2 irratti duula guyyaa 60 hojjatamu baatii Amajjii irraa kaasee kan labsamu ta'uu ibsanii, hojii kanaanis lafti heektaarri mil.3.2 kan misoomuufi qaamoleen hawaasa garaa garaa miiliyoona 9.9 kan hirmaatan ta'uus dubbataniiru.

Hojiin kunuunsa qabeenya uumamaa hidda dhiiga hojii qonnaati kan jedhan Obbo Eeliyaas, milkaa'ina hojii kanaatiif kan tumsan hojiileen akka koompoostii raammoofi koompoostii idilee qopheessuu akkasumas dhaggaggaa'ummaa biyyee yaaluun hir'isuuf hojii hojjetameen bara 2017 giddugaleessoonni leenjiifi agarsiisa raammoo koompoostii qarshii biiliyoona 1.2'tti siquun hojjetamanii tajaajilaaf dhaqqabuus himaniiru.

**Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!**

Obbo Nimanii Kergaa Magaalaa Walisoo Ganda Horaa keessatti ragaan mana jireenyaa qaban kaartaa lakk.isaa W/044/91 ta'e,maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate ragaa manaa haaraa kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Wallisoo

---

**1ffaa Obbo Jireenyaa Asaffaatiif**
**2ffaa Obbo Daani'eel Asafaatiiff**
**Bakka jirtaniitti**

R/Himataan Ajajaa 50 Iyyaasuu Bartaafi R/Himatamtoota isin jidduu falmii jiru ilaalchisee R/Himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/02/2018 sa'aatii 8:00 irratti akkaataa murtii kennameef raawwataanii akka dhihaattan ibsaa, kan hin raawwanne yoo ta'e sababa raawwachuu dhabdaniif dhihaattanii akka ibsitan manni murtii ajajeera .Man Murtii Aanaa Walmaraa.

---

**Aadde Gannaat Hayiluutiif**
**Bakka jirtanitti**

Iyyataan Obbo Caalaa Tashoomaafi waamamtuu isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee waamamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 27/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Giraar Jaarsoo

---

**Caalbaasii**

M/A/Mirgaa obbo Yoonaas Hayiluufi M/A/Idaa Aadde Buziyyee Marshalloofi jidduu lixuu Hayimaanot Hayiluu jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Luugoo Aanaa Migiraa keessatti ballina $M^2$ 330 irratti maqaa Obbo Hayiluu Xilaahuunitiin galmaa'ee argamu, gatii ka'umsa caalbaasii qarshii 923,104tiin gaafa 13/03/2018 sa'aatii 2:30 - 6:30tti caalbaasii ifaan waan gurguramuuf namoonni dorgomtanii bitachuu barbaaddan gatii ka'umsa caalbaasii ¼ CPO qabsiisuufi waraqaa eenyummaa qabachuun iddoo mannichi argamu Magaalaa Adaamaa Aanaa Migiraatti guyyaafi sa'aatii jedhametti qaamaandhiyaattanii dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Luugoo

---

**Aadde Warqinesh Caalaatiif**
**Bakka jirtamitti**

Himataan Obbo Baqqalaa Kabbadaafi himatamtuu isin jidduu falmii maatii jiru ilaalchisee himatamuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/02/2018 sa'aatii 3:30 irratti deebii keessan qabattanii dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Walmaraa

---

Aadde Meeroon Abrahaam Nuuree Magaalaa Ejeree Ganda Cangaaree Sookilee (01) keessaa waraqaan ragaa iddoo mana jireenyaa kaartaa lakk.isaa 10284/492 ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef, ballina $M^2$ 200 irratti argamu, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate kan biraa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Ejeree

---

Dhaab/Hanlin Cleaning Preparations And Cometics Manufacturing PLC Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Duukam Aanaa Malkaa keessatti qabiyyee Industiriif fudhatan Kaartaa Lakk.isaa EI2/460/HCP/11 kan ta'e, maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 7,730.75 ta'e, kaartaan orjinaala nu jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu

---

Dr.Ayifokiruu Boggaalaa ragaa abbaa qabeenyummaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Gadaa keessatti argamu, Kaartaa Lakk.isaa 151/91 ta'e, kuusaa dhuunfaa maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaa kaartaa kan biroo hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa

---

**Caalbaasii**

Murti Abbaa Mirgaa Obbo Birhaanuu Shimallis N-2 fi M/A/Idaa Obbo Ayyaalewu Warquu jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa kuta lama Magaalaa Awaash Malkasa'aa Ganda 01 keessatti maqaa duutuu Aadde Almaaz Damiseetiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 10/1096/94/197/97 ta'e, gatii ka'umsa caalbaasii qarshii 1,064,259n gaafa 08/03/2018 sa'aatii 3:00 - 6:30tti caalbaasii ifaan waan gurguramuuf namoonni dorgomtanii bitachuu barbaaddan gatii ka'umsa caalbaasii ¼ CPO qabsiisuudhaan bakka manichi argamutti guyyaafi sa'aatii jedhametti qaamaan argamuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ni beeksisa. Mana Murtii Aanaa Adaamaa

---

Aadde Askaaluu Nigusee Nagahee Lakk.isaa 762961 ta'e, maqaa Obbo Tamasgeen Arriqeetiin galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru.Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

Obbo Mulunehi Tafarii mana jireenyaa Magaalaa Hoolataa Ganda Birbirsaa Siibaa keessaa qaban kaartaa lakk.isaa B/M/H/266/98 ta'e, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaa biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Hoolataa

---

Aadde Ayishaa Yusuuf iddoo mana jireenyaa Kutaa Magaalaa Duukam keessatti argamu,kaartaa koodii addaa cittuu lafaa lakk.isaa OR009021601011 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru nalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf tajaajila barbaadan kaartaa koppiin kan keessummeessinu ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam

---

**Caalbaasii**

R/Himattoota Fireewoot Silaashii faa N-4 fi himatamtuu Aadde Yewarquhaa Walee jidduu falmii hariiroo hawaasaa jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Burraayuu Bulchiinsa Aanaa Ejersa Goorootti ballina $M^2$ 865.5 irratti argamu, Lakk.kaartaasaa A-95-4114/84 fi lakk.manaa isaa 7415 ta'e, gatii ka'umsa caalbaasii qarshii 15,000,000(Miliyoona Kudha Shaniin) gaafa 10/03/2018tti waan gurguramuuf namoonni dorgomtanii bitachuu barbaaddan iddoo manichi argamutti qaamaan dhiyaachuudhaan dorgomtanii bitachuu kan dandeessan manni murtii ni beeksisa. Mana Murtii Aanaa Barraak

---

**Aadde Warqituu Margaatiif**
**Bakka jirtanitti**

Himataa Li'uul Mangistuufi himatamtuu isin jidduu falmii siivilii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 19/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Dambalaa

---

Aadde Asnaaqach Mangistuu mana Magaalaa Adaamaa Ganda Dirree Nagahaa keessatti waraqaan ragaa abbaa qabiyee iddoo Kaartaa Lakk.isaa 0726/2013 ta'een galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii gaafataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa

---

**Obbo Caalaa Gammachuutiif**
**Bakka jirtanitti**

Iyyattuun Aadde Aragguu Girmaafi waamamaa isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 19/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e mirgi deebii keessan dhiheeffachuu bira darbamee dhimmichi bakka isin hin jiretti kan ilaaalamu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Meetaa Roobii.

---

Obbo Fullaasaa Taaddasaa nagahee lakk.isaa 176833 ta'een galmaa'ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu idaadhaanis ta'ee,haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee nagahee biro baafachuu kan danda'an ta'uu beksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

---

**1ffaaObbo Fireewu Alamaayyootiif**
**3ffaa Obbo Geetaachoo Shomorootiif**
**Bakka jirtanitti**

Ol'iyyataan Kubaaniyaa Inshuraansii Naayil(BA) fi himatamtoota isin jidduu falmii beenyaa tilmaama qabeenyaa jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 19/02/2018 sa'aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa,kan hin dhihaanne yoo ta'e,bakka isin hin jiretti falmiin kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa

---

**Obbo Maammoo Tamsgeen, Obbo Kadiir Jamaal Gammadoo, Gosee Dabalaa Warquu, Obbo Sulxii Qaasoo Kadiir, Mintesinoot Buzaayyoo Tasammaa, Aadde Beeteliheem Salamoon, Nigusuu Tsaggaa, Obbo Ballaxaa Baqqalaa Xoonaatiif**
**Bakka jiranitti**

Himataan A/A Magaalaa Adaamaafi himatamtoota isin jidduu falmii yakka sanada Mootummaa waliin ta'uun balleessuu jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti yakka malaammaltummaan himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 24/02/2018 sa'aatii 5:30 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa kan hin dhihaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Adaaamaa

---

**1ffaa Galatii Eeliyaas 2ffaa Dajanee Siisaay Badhaadhaa, 3ffaa Wasanee Hundee, 4ffaaMaskaram Tasfaayee Galataa, 5ffaa Kadiir Jamaal Gammadaa, 6ffaa Seenaa Gaaddisaa Lammeessaa, 7ffaa Jibriil Nuuraa Baatii 8ffaa Mulunash Damisee Guraaraa 9ffaa Maartaa Bazaabihi 10ffaa Feeven Tasfaayee 11ffaa Abraahaam Carqoosiif 12ffaa obbo Tasfaayee Silash 13ffaa Urjii Xaahir 14ffaa Meerii Bazaabbih 15ffaa Jamaal Hajjii 16ffaa Qasim Xaahiri 17ffaa Beeteliheem Asagidoom 18ffaa Amaan Goobanaa 19ffaa Eelsaabeet Asagidoom 20ffaa Gazzahaany Lammaa 21ffaa Galaasaa Boruu 22ffaa Beetii Qorichoo 23ffaa Baritee Deeshoo 24ffaa Waaqjiraa Miidhaqsaa**
**Bakka jirtanitti**

Himataan A/A/Magaalaa Adaamaafi himatamtoota isin jidduu falmii yakka malaammaltummaa jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti yakka malaamaltummaan himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 24/02/2018 sa'aatii 5:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa, kan hin dhihaanne yoo ta'e, falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Adaamaa

---

**Aadde Dastaa Hayiluutiif**
**Obbo Mokonnin Isheetuutiif**
**Bakka Jiranitti**

Himataan Dhabbata Maayikiroo Faayinaansii Vizhiin Fandii Damee Duukamiifi Himatamaan isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii chaarjii himannaa kutaa O/seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Bishooftuutti dhiyaattanii fudhattanii beellamaa gaafa 17/02/2018 sa'aatii 4:30 irratti dhiyaattanii akka falmattan ta'e.kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isan hin jirretti kan itti fufu ta'u isaa fi murtiin kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Bishooftuu

---

**Obbo Isaa Abbabaa Hassaniif**
**Bakka jirtanitti**

Himataan Obbo Abdii Shifaa Shukraafi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaa kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 21/02/2018 sa'atii 9:00 irratti deebii keessan akka dhiheeffattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

**Obbo Tasfaayee Abbabaaf**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Fiqaaduu Habteefi himatamaa isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/2/2018 sa'atii 5:30 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiheeffattan ibsaa,hin dhihaanne yoo ta'e,mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiheeffachuu bira darbamee falmiin bakka isin hin jiretti kan itti fufuu ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa

**Aadde Salaam Abdiisaaf**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Lammaa Damisseefi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun galmeen raawwii socha'ee ilaalamaa jiraachuu beektanii gaafa 17/02/2018 sa'atii 3:30 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee

**Fiqiruu Birruutiif**
**Bakka jirtanitti**
Himattuu Mitikkee Olaanaafi himatamtuu Asteer Ajjamee jidduu falmii jiru ilaalchissee falmiitti makamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 20/02/2018 sa'atii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Magaalaa Shaggar

**Aadde Zurash Badhadhaaf**
**Bakka jirtanitti**
Himataan Obbo Moollaa Kaasahuun fi himatamtuu isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/02/2018 sa'atii 4:30 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa,hin dhihaanne yoo ta'e,bakka isin hin jiretti falmiin kan itti fufu ta'uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Sadeen Sooddoo

# Wallagga

Obbo Daagim Badhaasaa Aagaafi Aadde Leensaa Girmaa Fufaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 03 keessatti ballina $M^2$ 169 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010293700 kan ta'e Obbo Ashabbir Dabalaa Tolasaatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramiin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Abiiy Gifi'oom H/Maariyaamifi Aadde Ababaa Buzaayyoo Kidaanee mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 330 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010295458 kan ta'e Aadde Sintaayyoo Lajaa Batoonaatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Adimaasuu Birraatuu Jaallataa fi Aadde Bashaatuu Waaqshuumaa Lamuu mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 351 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010296111 kan ta'e Obbo Gammachuu Naadoo Jooteetti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Darajjee Guddinaa Hordofaa fi Aadde Warqituu Fiqaaduu mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 180 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010295766 kan ta'e Saaraa Nagaraatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Aadde Jaallee Gammachuu Fufaa fi Obbo Taaddalee Gamulaa Jallataa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 01 keessatti ballina $M^2$ 200 irratti argamu Lakk.Kaartaasaa ETH000010296114 kan ta'e Izraa Taaffasee Nagaasaatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Taganyi Qannoo Abdiisaa fi Aadde Lalisee Tolinaa Boggaalee mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 06 keessatti ballina $M^2$629 irratti argamu Lakk. Kaartaasaa ETH000010295860 kan ta'e Obbo Badhaasaa Sirriiqaa Wayyeessaatti gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, otuu maqaa hin jijjiirramin beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Aadde Fedhii Marabbaa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo Ganda 01 keessaa qaban, Lakk.kaartaasaa M/Q/M/Gull/1790/2016 ta'e, ballina $M^2$ 400 irraa qabaniirraa hirisanii $M^2$ 200 kan ta'e Obbo Isiyaaq Qannootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo

Obbo Abdataa Nagaasee mana daldalaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 01 keessaa qaban ,lakk.kaartaasaa WLMB/713/04/2018 ta'e,Obbo Gaaddisaa Dirribaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

Obbo Girmaa Biraanuu mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Q/Kaarraa Ganda 01 keessatti argamu,lakk.kaartaasaa 0157WMQMK2017 fi lakk.manaa isaa P-1457 kan ta'e,Obbo Kibiruu Dibaabaatti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa akka ragga'uuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Q/ Kaarraa

Obbo Kabadee Qanasaa mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Calalaqii Ganda 03 keessaa qaban faayilli haadhoon waajjira lafaa Bulchiinsa Magaalaa Naqamtee keessatti najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate galmee haaraa hundeessinee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Aadde Caaltuu Tolaa Qomoo mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa isaatiin galmaa'ee ballina $M^2$ 160 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 13169/WBIFLM/2013 ta'e,Obbo Mitikkuu Faantaa Luukkeetti gurguranii maqaa gara bitataatti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

Obbo Geetachoo Kooruu Galataa fi Aadde Raaheel Yohaannis Tarrafaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 02 keessatti ballina $M^2$ 347 irratti argamu Lakk. kaartaasaa ETH000010296047 ta'e bali'ina lafaa 308$M^2$ Lakk. Kaartaa ETH000010296028 kan ta'e, gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa bitataa Obbo Daagim Tamasgeen Mullataatti utuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Aadde Sabilee Abdiisaa mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Calalaqii Ganda 03 keessaa qaban faayilli haadhoon mana galmee keessaa kaartaa Lakk.isaa 215/KW/2001 ta'e qabu na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate galmee haaraa hundeessinee kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Naqamtee

Obbo Malaakuu Dheereessaa mana daldalaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Calalaqii Ganda 03 keessaa qaban faayilli haadhoon mana galmee keessaa qabn najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate galmee haaraa hundeessinee kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Naqamtee

Obbo Qajeelaa Salbaanaa Sadii Magaalaa Najjoo Ganda 03 kaartaa orjinaallii lakk.isaa 454/2002 kan ta'e,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa magaala Najjoo

Obbo Faqqadee Tolaa Bushanee Magaalaa Najjoo Ganda 01 kaartaa orjinaallii lakk.isaa 01/197 kan ta'e,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa magaala Najjoo

Obbo Firoomsaa Taammiruu Magaalaa Dabbasoo Ganda 01/02 keessatti mana maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 200 irratti argamu Rattaa Habteetti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa kan naanneessinuuf ta'uu gaafataniiru.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo

Obbo Mulaatuu Bantii Teessoo mana jireenyaa qaban kaartaa orjinaala lakk.isaa OR027040711018 ta'e,karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Tsaggaayee Obsii Yaadataatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

Obbo Jirruu Kadiir Magaalaa Dabbasoo Ganda 01/02 keessatti mana maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 400 irratti argamu,Dhibbarraa Abboomaatti gurguradheera jedhaniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa kan naanneessinuuf ta'uu gaafataniiru.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo

Obbo Karrarsaa Immiruu mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban Lakk.isaa 05443 ta'e,Obbo Magarsaa Boorudeetti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

Obbo Takkaalenyi Wandimmuu Dastaa mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yabaloo keessatti ballina $M^2$ 456 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu, Kaartaan Lakk.isaa 17409/WLEN ta'e, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/ Doolloo

B/B Aadde Yaadatee Moosaa kan ta'an Obbo Endaalkew Kabbadaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/ Doolloo Ganda Yabaloo keessatti ballina $M^2$ 160 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 160 irratti argamu,bakka bu'iinsa qabaniin maqaa gara isaanii Obbo Endaalkew Kabbadaatti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

Aadde Atsadee Mulgeetaa Andeenoofaa N-3 mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Lakk.Kaartaasaa 0R027020509008 ta'e,dhaaltummaa abbaa warraa isaanii mana murtiin mirkaneeffataniif maqaa gara isaanitti jijjiirruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksini kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

Obbo Taammanee Tarfaa Quufii mana jireenyaa Magaalaa Najjoo keessaa qaban kaartaa orjinaala lakk. isaa OR027020615012 ta'e, Aadde Itiyoophiyaa Bantii Angareetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

Obbo Kitilaa Diinagdee ragaan mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda 03 keessaa qaban na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kamaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

Aadde Waqeetee Faqqadaa Sirriiqaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Qotaa Najjoo keessatti argamu lakk/kaartaasaa 1817/2008 ta'e, karaa bakka bu'aa isaaniitiin Aadde Ababaayee Dirbabaa Gammachuutti waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

**Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda'ama!**

# Seeraafi Haqa

*Taammanaa Gammadaa*

# Raawwii Karoora hojii gurguddoo manneen murtii Oromiyaa bara 2017

*(Kan darberraa kan itti fufeefi kutaa xumuraa)*

**Kenna tajaajila lammummaafi deggersa adda addaa**

Manneen Murtii Oromiyaa kenninsa tajaajila abbaa seerummaan cinaatti dirqama hawaasummaa bahachaa kan jiran yoo ta'u, bara kana deggersa lammummaa sadarkaa godinaaleefi Aanaaleetti taasifamaa ture akkuma jirutti ta'ee sadarkaa MMWOtti namoota harka qalleeyyiifi maanguddootaaf walumaagalatti tilmaama qarshii miliyoona 4.5 oliin Godina Shawaa Kibba Lixaa Magaalaa Walisoo, Godina Harargee Bahaa Aanaa Dadar Magaalaa Qobboofi Godina Wallagga Bahaa Magaalaa Naqamteetti mana jireenyaa ijaaruun meeshaalee manaa guutuu waliin kennameefii walharkaa fuudhinsi taasifamee jira.

Tajaajila deggersa seeraa ilaalchisee Manneen Murtii sadarkaa sadanitti namoota harka qalleeyyii 33,519 (dhi.24,168fi dub. 9,351) baasii qar. 167,595,000tti tilmaamamu deggersa abukaatummaa bilisaa akka argatan taasifamee jira. Tajaajilli deggersa seeraa kan akka komii barreessuu, deebii barreessuu, ol iyyata barreessuufi kan kana fakkaatan bilisaan abbootii dhimmaa harka qalleeyyii 136,747 (dhi. 73626fi dub. 63121) ta'aniif tilmaama baasii qar. 136747000tti shallagamu tajaajilli kennamee jira.

Dabalataanis dubartootaafi da'immaan mana amala sirreessaa Godina Harargee Bahaa Aanaa Dadaritti argaman, Godina Jimmaa Mana Amala Sirreessaa Gommaatti argaman akkasumas Mana Amala Sirreessaa Godina Bunnoo Beddellee Magaala Beddelleetti argamaniif deggersi meeshaalee qulqullinaa, Firaashii ciisichaafi meeshaalee nyaataa daa'immaniifi dubartootaaf taasifamee jira.

Hawaasni Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa 368 (dhi.233fi dub.135) ta'anis miseensa Buusaa Gonofaa ta'uun miindaasaaniirraa ji'a ji'aan arjoomaa jiru.

Manneen Murtii Oromiyaa akka waliigalaatti hanqinaalee kenna tajaajilaa abbaa seerummaafi bulchiinsa keessoo keessatti mul'atan bu'uurarraa furuuf komii keessaafi alaatiif xiyyeeffannoo kennuun sirna diriirsuun rakkoo dhaqqabamummaafi si'oomina furuuf rincica keessaafi alaa ka'aa ture xiqqeessuun tekinooloojiitti fayyadamuun dhaqqabamummaa mirkaneessuufi dhamaatiifi baasii ummata keenyaa hambisuuf hojiin hojjetame kan yeroo kamii caalaa kan dabalefi baasiifi dhamaatii ummataa kan hambisedha. Keessumattuu dhaqqabamummaa mirkaneessuun walqabatee tekinooloojii Manneen Murtii keessatti eegalame seeraan deggeruuf danbii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Tekinooloojii Manneen Murtii Oromiyaa mirkaneessuun Manneen Murtii guutummaatti gara hojiitti akka galan taasifamee hojii hojjetameen bu'aa olaanaan argamee jira.

Si'aayina kenninsa tajaajila abbaa seerummaa ilaalchisee dhimmoonni gara Manneen Murtii dhufan yeroo itti xumura argataniin akka daangeffaman taasisuu, tekinooloojiitti fayyadamuufi sirna to'annoo dhimmoota sochiirra jiranii qopheessuun hojii ciminaan hojjetameen bara kana sadarkaan raawwii dhimmoota furmaata argate ilaalchisee raawwii olaanaan bara itti galmaa'e ta'ee jira.

Qulqullina tajaajila abbaa seerummaa fooyyessuu ilaalchisee bara kana haala addaatiin sirna kakuu Mana Murtii Aadaa gara Mana Murtii Idileetti fiduun ragaan sobaafi himanni sobaa akka xiqqaatu taasisuun hojiin hojjetame akka fakkeenyaatti kan xuqamudha. Rakkoo qulqullina tajaajila Abbaa seerummaa furuuf tarkaanfii fudhatameen bu'aa argame raawwii hojii Abbaa seerummaatiin walitti hidhaa deemuun tarkaanfii sirreeffamaa fudhataa deemuun diigamuu dhimmoota gara dijiitii tokkootti gadi xiqqeessuun kan danda'ame ta'us ammallee hojii kan gaafatu ta'uun hubatamee jira.

Bilisummaafi itti gaafatamummaan Mana Murtiifi Abbaa Seeraa walmadaalaa ta'e akka jiraatu sirna diriiree jirurratti hubannoo uumuufi tarkaanfii sirreeffamaa fudhatamaa jiruun jijjiiramni gaariin dhufaa jiraachuu agarsiisa.

Gaarummaa bulchiinsa keessoofi ijaarsa dandeettii Manneen Murtii cimsuuf hojiin karaa Manneen murtii sadarkaan jiraniin hojjetamaa ture akkuma jirutti ta'ee, gamoon ammayyaafi seenaqabeessi kutannoo Mootummaa naannoo keenyaatiin Magaalaa Finfinnee Caffee Araaraatti ijaarame hawaasa Mana Murtii keenyaaf bakka hojii mijataa uumuu qofaa osoo hin taane duudhaafi kabaja ummata keenyaa kan olkaasedha.

Walumaagalatti raawwiin karoora keenyaa yeroo ilaalamu fooyya'insi gaariin dhufaa jiraachuu kan namatti agarsiisu yoo ta'ellee, gaaffii haqaa ummataa waliin yoo ilaalamu hojii guddaa kan gaafatudha.

**Istaatistiksii sochii galmee waggaa manneen murtii oromiyaa bara 2017**

| Lak | Mana Murtii | Gosa dhimmaa | Kan as darbee | Haaraa | Kan socho'e | Ida'ama | Kan cufame | Kan murtaa'e | Ida'ama | Kan cehe | Raaw. (%) | Cl.rate |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | M.M.W.O | Yakka | 433 | 8,523 | 87 | 9,043 | 108 | 8,578 | 8,686 | 357 | 96.05 | 100.88 |
| | | Hriiroo Hawaasaa | 1,146 | 16,020 | 387 | 17,553 | 173 | 16,438 | 16,611 | 942 | 94.63 | 101.24 |
| | | Maatiifi daa'imman | 70 | 737 | 19 | 826 | - | 781 | 781 | 45 | 94.55 | 103.31 |
| | | Falmii hojii | 43 | 542 | 6 | 591 | - | 571 | 571 | 20 | 96.62 | 104.20 |
| | | Dhimma Federaalaa | 78 | 1,135 | 94 | 1,307 | 148 | 989 | 1,137 | 170 | 86.99 | 92.51 |
| | | Ida'ama | 1,770 | 26,957 | 593 | 29,320 | 429 | 27,357 | 27,786 | 1,534 | 94.77 | 100.86 |
| 2 | M.M.O.Godiinaalee | Yakka | 767 | 17,611 | 1,012 | 19,390 | 1,160 | 17,603 | 18,763 | 627 | 96.77 | 100.75 |
| | | Hariiroo Hawaasaa | 1,447 | 24,095 | 1,922 | 27,464 | 2,601 | 23,719 | 26,320 | 1,144 | 95.83 | 101.16 |
| | | Maatiifi daa'imman | 243 | 5,035 | 268 | 5,546 | 280 | 5,108 | 5,388 | 158 | 97.15 | 101.60 |
| | | Falmii hojii | 26 | 633 | 30 | 689 | 11 | 670 | 681 | 8 | 98.84 | 102.71 |
| | | Dhimma Federeraalaa | 334 | 4,096 | 293 | 4,723 | 622 | 3,805 | 4,427 | 296 | 93.73 | 100.87 |
| | | Ida'ama | 2,817 | 51,470 | 3,525 | 57,812 | 4,674 | 50,905 | 55,579 | 2,233 | 96.14 | 101.06 |
| 3 | M.M.Aanaalee | Yakka | 1,606 | 129,537 | 10,260 | 141,403 | 22,496 | 117,801 | 140,297 | 1,106 | 99.22 | 100.36 |
| | | Hariiroo Hawaasaa | 9,515 | 169,851 | 31,183 | 210,549 | 57,884 | 144,999 | 202,883 | 7,666 | 96.36 | 100.92 |
| | | Maatiifi daa'imman | 4,112 | 83,167 | 20,481 | 107,760 | 38,057 | 66,354 | 104,411 | 3,349 | 96.89 | 100.74 |
| | | Falmii hojii | 196 | 1,447 | 257 | 1,900 | 451 | 1,317 | 1,768 | 132 | 93.05 | 103.76 |
| | | Ida'ama | 15,429 | 384,002 | 62,181 | 461,612 | 118,888 | 330,471 | 449,359 | 12,253 | 97.35 | 100.71 |
| | Waliigala | | 20,016 | 462,429 | 66,299 | 548,744 | 123,991 | 408,733 | 532,724 | 16,020 | 97.08 | 100.76 |
| | Dhaddacha Dhaabbii | Hundaa | 983 | 13,714 | 338 | 15,035 | 404 | 13,748 | 14,152 | 883 | 94.13 | 100.71 |
| | Dhaddacha Ijibbaataa | Hundaa | 407 | 8,164 | 151 | 8,722 | - | 8,343 | 8,343 | 379 | 95.65 | 100.34 |
| Waliigala gosa dhimmaatiin | | Yakka | 2,806 | 155,671 | 11,359 | 169,836 | 23,764 | 143,982 | 167,746 | 2,090 | 98.77 | 100.43 |
| | | Hariiroo Hawaasaa | 12,108 | 209,966 | 33,492 | 255,566 | 60,658 | 185,156 | 245,814 | 9,752 | 96.18 | 100.97 |
| | | Maatiifi daa'imman | 4,425 | 88,939 | 20,768 | 114,132 | 38,337 | 72,243 | 110,580 | 3,552 | 96.89 | 100.80 |
| | | Falmii hojii | 265 | 2,622 | 293 | 3,180 | 462 | 2,558 | 3,020 | 160 | 94.97 | 103.60 |
| | | Dhimmoota Federaalaa | 412 | 5,231 | 387 | 6,030 | 770 | 4,794 | 5,564 | 466 | 92.27 | 99.04 |
| | | Ida'ama | 20,016 | 462,429 | 66,299 | 548,744 | 123,991 | 408,733 | 532,724 | 16,020 | 97.08 | 100.76 |

*Gabaasa raawwii hojii MMWO bara 2017 irraa kan fudhatame*

**Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!**

## Hawaasummaa

*Galaanaa Kumarraa*

# Rakkoolee qulqullina barnootaa bu'uurarraa hiikuun sadarkaa barbaadamuun gahuuf ammallee xiyyeeffannaa barbaada

Biiroon Barnoota Oromiyaa cabinsa barnootaa naannichaa dandamachiisuuf inisheetiivota barnootaa adda addaa rakkoolee qulqullina barnootaa naannichaa hiikuuf gargaaran bocuun hojiirra oolchaa jira. Kanaanis, bu'aalee abdachiisoon argamuu jalqabaniiru. Haata'u malee, rakkoolee kanneen bu'uurarraa hiikuun qulqullina barnootaa naannichaa sadarkaa barbaadamuufi eegamutti mirkaneessuun hojii guddaafi xiyyeeffannaa qaama hundaa kan barbaadu ta'uun ammoo dagatamuu hin qabu.

Biirichis kanuma bu'uura godhachuun tibba adarbe Yaa'ii Barnootaa Naannoo Oromiyaa bu'aalee argamaniif beekamtii kennuufi rakkoolee jiran adda baasuun kallattiiwwan xiyyeeffannoo seektarichaa fuula duraa akeekuurratti xiyyeeffate Magaalaa Adaamaatti geggeessee ture. Yaa'ii kanarratti Sirni Beekamtiifi Badhaasaa Barattoota Qormaata Biyyaalessaa kutaa $12^{ffaa}$ bara 2017 qabxii olaanaa galmeessisan, Manneen Barnootaa barattoota qormaataaf dhiyeessanii % 100 dabarsaniif dhaabbilee gumaacha taasisaniis geggeeffameera. Yaa'iin geggeeffame kunis milkaa'ina barnootarratti argame akkaataa itti fufsiisuun danda'amuufi rakkoolee adeemsa baruufi barsiisuu keessatti ammallee qunnamaa jiran immoo kallattii itti furuun danda'amu kaa'uurratti kan xiyyeeffate akka ta'e himeera.

Yaa'iin kunis, Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Kaffaaloo Tafarraa, Sadarkaa Pirezidaantii Itti Aanaatti Qindeessaan Kilaastera Hawaasummaa Obbo Saadaat Nashaa, Hogganaan Biiroo Barnoota Oromiyaa Doktar Tolaa Bariisoo, hoggantoonni olaanoon naannoofi federaalaa, barattoonni qaxaleen badhaafaman maatiisaanii waliin akkasumas dhaabbileen deeggartootaa biroon bakka argamanitti mata duree "Barnoonni Dagaagina Misomaafi Qabeenya Humna Namaatiif" jedhuuni kan geggeeffame.

Hoogganaan Biiroo Barnoota Oromiyaa Doktar Tolaa Bariisoon yaa'icharratti haasaa taasisaniin Biirichi barattoota qormaata biyyaalessaa kutaa $12^{ffaa}$ bara 2017 qoramanii qabxii olaanaa galmeessisaniifi manneen barnootaa barattoota qormaataaf dhiyeessan guutumaan guutuutti dabarsan akkasumas qaamolee milkaa'inasaaf tumsaniif badhaasaafi beekamtii kenneera. Badhaasni kunis, barattoota qabxii waliigalaa kenname keessaa 500fi isaa ol galmeessaniif kan kennamedha jedhan.

Akka isaan jedhanitti saala lamaaniinuu barattoonni naannichatti qabxii galmeessisaniin sadarkaa $1^{ffaa}$ ba'an qarshii kuma 100, sadarkaa $2^{ffaa}$ kan bahan qarshii kuma 75fi sadarkaa $3^{ffaa}$ kan bahan ammoo qarshii kuma 50 badhaafamaniiru. Badhaasaafi beekamtiin kenneme kun manneen barnootaa barattoota dabarsuun $1^{ffaa}$ hanga $3^{ffaa}$ bahaniif kan kenname yammuu ta'u, manni barnootaa Bultii Addaa Dodolaa badhaafamaa waancaa ta'ee jiraachuu himaniiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa rakkoolee barnoota naannichaa mudatan bu'uurarraa hiikuuf hojii tajaajila lammummaa labseen sochii taasiseen hanga ammaatti manneen barnootaa Bu'uura Boruu 18,124 ijaaruun daa'imman miliyoona 2.4 carraa barnootaa akka argatan taasiseera jedhan. Kunis, daa'imman hanga kutaa lamaatti jiran jijjiirama bu'uuraa akka fidan taasiseera kan jedhan Dr.Tolaan, rakkoo barreessuu,



dubbisuufi qoyyabuurratti kutaa 3 hanga 5 keessa jirus bara kana guutumaan guutuutti furuuf barsiisota afaanii, herregaafi ogeessota barnootaa kuma 57'f leenjii ogummaa baruufi barsiisuu cimsuu kennuudhaaf qophiin barbaachisu xumuramee jiraachuus himaniiru. Hojiin hojjetamaa jiru kunis, rakkoo barattoonni naannichaa waa barachuurratti qaban hundeerraa akka jijjiiru itti amanamas jedhan.

Mul'atni mootummaan naannichaa dhaloota barnootaafi teekinoolojiin tarkaanfate ijaaruuf qabu dhugoomsuuf hojiin waliigala hojjetamaa jiru akkuma jirutti ta'ee, addatti ammoo manneen barnootaa bultii Addaa7fi Manneen Barnootaa Addaa 41 ijaaruun barattoota qaxalee kuma 10 ta'an sadarkaa olaanaatti qopheessa jiraachuu dubbataniiru. Barattoonni Manneen Barnootaa Bultii Addaa mootummaan ijaare keessatti barachaa turan yeroo jalqabaatiif bara 2017 qormaata kutaa $12^{ffaa}$ seensaa dhaabbilee barnoota olaanoo seenuuf fudhatan akka biyyaatti qabxii olaanaa galmeessuun riikardii akka biyyaatti jiru cabsaniiru jedhan Dr.Tolaan. Barattoonni qaxaleen qabxii olaanaa galmeessitan maqaa naannoo keenyaa olkaasuu danda'uu himaniiru galateeffataniirus.

Gama biraatiin, mootummaan iddoo barattoonni qaxaleen kunneen simatamanii itti baratan Inistiitiyyuutii Saayinsiifi Teekinoolooji Shaggar ijaaruun yeroo duraatiif barattoota muraasaan hojiitti galchee jira. Akka naannichaatti barattoota gara dhaabbilee barnoota olaanoo seenuuf qormaata biyyaalessaa fudhatan keessaa % 23 kan ta'an barattoonni kuma 43fi 631 carraa yuunivarsiitii argatanii jiru jedhan Hogganaan Biiroo Barnoota Oromiyaa Dr.Tolaa Bariisoon.

Kana keessaas, barattoonni % 50fi isaa ol galmeessan % 6.6 yoo ta'an, kunis barattoota kuma 12fi 416 dha. Manneen barnootaa naannicha keessatti argaman keessaa manneen barnootaa 23 barattoota qormaataaf dhiyeessan guutummaatti(% 100) dabarsanii jiru jedhan. Akka Naannoo Oromiyaatti barattoonni 900 ta'an qabxii 500fi isaa olirraa jalqabanii hanga qabxii olaanaa galmeessanii jiru. Kanaafis, barsiisonni, hooggansi manneen barnootaafi qooda fudhatoonni garaa garaa milkaa'inaaf gumaachitan galata qabdus jedhan Dr.Tolaan. Waldaa Misooma Oromiyaafi dhaabbilee deeggartootaa adda addaa naannichatti hojii baruufi barsiisuu deeggeraa jiranis galateeffataniiru. Firiin amma arguu jalqabne kun, dhaadannoo "Jabaannee yoo hojjenne Oromiyaa galaana hayyootaa ni taasifna" jedhu kan dhugoomse waan ta'eef milkaa'ina argame caalaatti ittifufsiisuun sadarkaa olaanaatti ceesisuuf jabaannee hojjechuu qabnaas yaadachiisaniiru.

Dhimmoota ammaallee xiyyeeffannaa barbaadan

Bu'aan argame kun akka milkaa'inaatti kan haata'u malee, rakkooleen adeemsa baruufi barsiisuu keessatti qunnamaa jiran ammoo dagatamuu hin qabani jedhan Dr.Tolaan. Akka isaan jedhanitti bu'aan qabxii barataa ammallee gadaanaa ta'uu, fakkeenyaaf manneen barnootaa barataa tokkollee hin dabarsine baay'een waan jiraniif xiyyeeffannaa cimaan hojjechuu gaafata jedhan. Gama kanaan, godinaalee, magaalotaafi aanaalee gidduu garaagarummaan jriu daran guddaa ta'uus dubbataniiru. Kana malees, harcaatiin barattootaa naannichatti jiru ammas baay'ee yaaddessaadha kan jedhan Dr.Tolaan, rakkoo kana furuuf Mootummaan Naannoo Oromiyaa sagantaan nyaata barattootaa hojiirra akka oolu taasisee hojjechaa kan jiru ta'u, sagantaan dhiyeessii nyaata barattootaa kun baay'ee laafaa waanta'eef ciminaan irratti hojjechuu kan gaafatu ta'uu dubbataniiru.

Raawwiin inisheetiiviwwan qulqullina barnootaa naannichaa mirkaneessuuf bocamanii hojiirra oolaa jiraniis baay'ee laafaa waanta'eef Gumiin Tiraanisfoormeeshiinii Barnootaa Naannichaa ciminaan irratti hojjechuun barbaachisaadha jedhaniiru Dr.Tolaan. Rakkoo mana jireenyaa barsiisootaa furuun hamilee barsiisotaa kakaasuurratti hojiiwwan jalqabamanis xiyyeeffannaa cimaan hojjechuu kan gaafatan ta'uus dubbatan. Dhiyeessiin kitaaba barataa sadarkaa tokkoffaafi hanqinni barsiisota sadarkaa $2^{ffaa}$ baay'ee yaaddeessaafi xiyyeeffannoo kan barbaaduudha jedhaniiru.

# Oduu

## "Nageenyi akka dhufu ni kadhanna . . .

eeggattanii hojii kana dhalootaaf dabarsuuf hojjetanii jirtu jechuunis qooda fudhatoota gaheesaanii gumaachan waliin galateeffataniiru. Baalee misoomsuun ummata Baaleef qofa osoo hin taane Itoophiyaa hiyyummaa keessaa baasuudha jedhan Dr.Abiyyi. Hamma lubbuun keenya jirtutti hojii umma keenyaaf malu haqaan hojjechuuf qophiidha jechuunis dubbataniiru.

Doktar Abiyyi Ahimad Godina Baaleetiin misoma jallisii laga Walmalfi Paarkii Gaarreen Baaleetti Kilaastara Harannaas daawwataniiru. Qabeenya uumamaa qabnu akkaataa uumasaanii misoomsuufi kunuunsuun badhaadhina biyyaaf oolchuun murteessaadha, akkuma jalqabnetti cimsinee itti fufna jedhan.

Hedduun waa'een nagaa haa dubbatan malee waggoottan dhibboota darbaniifis nagaan hin turre kan jedhan Dr.Abiyyi yeroo ammaa garuu miidiyaalee hawaasaarraa guyyaa guyyaan olola dhagaa'aa waan oolluuf heddummate malee biyya kana keessa waggoottan jijjiiramaan duras nagaan hin turree jedhan. Finxaaleyyiinis Itoophiyaa keessaa dhabamanii hin beekan kan jedhan Dr.Abiyyi hojinsaanii humnaan waa hiikuu waan ta'eef balleessudha jedhan.

Nuti garuu, kan xiyyeeffannu misoomsuudha kan jedhan Dr.Abiyyi, sababnisaas, yoo hojjechuu baanne nageenyi barbaadamu hin dhufu; hojii misoomaan alatti nageenyi mirkanaa'uus waan hin dandeenyeef hojilee misoomaa jalqabne cimsinee itti fufna jechuun dubbataniiru. Dhibdeen kaleessaa har'a nu danqaa jiraatus, harka tokkoon rakkoo nageenyaa hiikuuf hojjechaa misoomni akka hin gufanneef cimnee hojjenna jedhan.

Qindoomnee kuatannoon hojjennaan Itoophiyaa badhaate arguun fagoo miti kan jedhan Dr. Abiyyi, waggoota darban keessa Itoophiyaan bara 2018tti ulaa milkaa'inaatti baati akkuma jennee cilaancila milkaa'inaa arguu dandeenye ammas amanneefi yaadnee hojiiwwan gurguddoo karoorsinee hojjechaa kan jirru Itoophiyaan waggoota ja'an har'aa Afrikaarraa dinagdeedhaan sadarlkaa lammaffaa, waggoota kurnan har'aa ammoo sadarkaa tokkoffaatti akka dhuftuudha jedhan.

Rakkoolee kaleessa turaniin wal qoccoluurratti yeroo gubnee hojii dhalootatti dabnarsinu har'a yoo hin hojjenne dhaloonni itti aanu kadhaafi gadadoo walirraa dhaalaa itti fufa kan jedhurratti amantaa guddaa waan qabnuuf har'a harka tokkoon qormaatilee jiran carraatti jijjiiraafi nageenya fiduuf harka tokkoon ammoo hojilee misoomaa dhalootaa egeree dhaalchisuurratti xiyyeeffannee hojjenna jedhan.

Dr.Abiyyi aanga'oota olaanoo mootummaa duraafi ammaa waliin daawwannaa taasisaniin booda dhimmoota daawwannaasaaniin taajjabaniifi carraa Itoophiyaan fuula duraatti qabeenya qabdu misoomuun jijjiiramuuf qabdu giddu galeeffachuun Holqa Soofumaritti mari'ataniiru.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa daawwannaa kanarratti yaada OBN'f kennaniin akka jedhanitti misoomni Godina Baalee hawaasa naannawichaaf abdiifi humna haaraa uumeera jedhan. Misoomni Godina Baaleetti mul'ate badhaadhinni Itoophiyaa waan hin oolle ta'uu kan agarsiisu ta'uu eeranii, yeroo gabaabaa keessatti Godinni Baalee jijjiiramee arguunis na gammachiiseera jedhan.

Naannawaan Baalee dagatameefi dhokatee akka ture Obbo Shimallis dubbatanii Ministirri Muummee Doktar Abiyyi Ahimad naannawaan sun akka jijjiiramuuf hojii kutannoon hojjetaniif galateeffataniiru. Misoomni godinichatti hojjetames godinoota naannichaa birootiif bu'uura guddaa kan kaa'uufi hojiiwwan gara fuulduraatiif humna kan ta'uudha jedhaniiru.

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa duraanii Obbo Abbaaduulaa Gammadaan Baalee waggaa dheeraaf nan beekan ture, daawwannaa kanaan hojiin Holqa Soofumar misoomsuuf hojjetame arge kun garuu Itoophiyaa qofaaf osoo hin taane Afrikaaf waan guddaadha jedhanii, qabeenya kana hunda otoo qabnuu misoomsinee itti fayyadamuu dhabuun na gaabbisiisa, jijjiiramni amma argamaa jiru garuu abdii guddaa kan namatti horuudha jedhan daawwannichaan booda marii Ministeera Muummee Dr.Abiyyi Ahimad waliin taasisaniin himaniiru.

Garaagarummaa yaadaa qaban duubatti dhiisanii waliin hojjechuun murteessaa akka ta'es hojiin argine agarsiiftuu guddaadhas jedhan. Kanaaf, walfalmuufi seenessa walgalaafachuu keessaa baanee dhamaanee yoo hojjenne waan dhaloonni dhufu ittiin boonu hojjechuu dandeenyas jedhan.

Ministirri Gorsaa Dhimmoota Baha Afriikaa Obbo Geetaachoo Raddaa gamasaaniin Soofumariifi Gaarren Baalee qaama seenaa keenyaa taasisuun qaaccessinee hinbeeknu jedhanii, Soofamariifi Gaarren Baalee teessuma lafaa qofa osoo hintaane seenaadha jedhan. Haata'u malee, qaama seenaa keenyaa taaasifnee qaaccessinee hinbeeknus jedhan Obbo Geetaachoon.

Qabeenya uumama qabnu akkamitti gara qabeenyaa irraa fayyadamuun danda'amuutti jijjiiruun akka danda'amurratti itti yaadamuu qaba kan jedhan Obbo Geetaachoon, Misoomonni keenya karaa nageenya keenya itti mirkaneessinuudha; nageenya mirkaneessuun ammoo misoomawwan biroo itti ijaarruuf kan gargaaru ta'uu himan.

## Biiroon Dhimma Dubartootaaf Daa'imman . . .

mrkaneessu dandeessisurratti yuunivarsiitichaan dhiyaateera.

Qorannoon kunis rakkoo koorniyaa dubartootaafi miidhaa daa'immanii furuuf qorannoon deeggaramuun furmaata waaraa akka argatu taasisuuf kan hojjetame ta'uu ibsameera.

Hooggantuun Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa Aadde Mabraat Baacaa, miidhaa dubartootaafi daa'immanirra gahu hambisuun hirmaannaafi fayyadamummaa dubartootaa mirkaneessuufi xiyyeeffannoon hojjetamaa jiraachuu ibsanii jiru.

## Godinichatti ji'oottan sadan . . .

hojjatamuu dubbataniiru.

Hojilee hojjataman kunneenis Ashaaraa Magariisaa, manneen harka qalleeyyii, manneen barnoota Bu'uura Boruu, manneen jireenya barsiisotaa, dareewwan barnoota ijaaruufi suphuu, barnoota dabalataa, arjooma dhiigaa, deeggarsa meeshaalee barnootaa, meeshaalee yaalaa, raada haadha harmee, misooma daandii, qulqullina naannoofi kan biroo aanaaleefi magaalota godinichaa keessatti bal'innaan hojjatamaa jiraachuu eeraniiru.

Milkaa'ina hojii tajaajila lammummaa hojjatamaa jiruuf hirmaannaan hawaasa godinichaa olaanaa ta'uu kan dubbatan Obbo Eeliyaas, hawaasa godinichaa hojii fakkeenyummaa gaarii qabu kana hojjatanis galateeffatanii hojilee fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf hojjatame kanas kunuunfachuu akka qaba.

Godinichatti waggoota dabran keessa hojiiwwan garaa garaa fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessan qarshii biiliyoona 124.7 tilmaamamu tajaajila lammummaatin hojjatamuu himanii, kanarraas hawaasni miiliyoona 3.1 fayyadamoo ta'uun ibsameera.

## Biiroon Qonna Oromiyaa Paampii . . .

Hoggannaan Biiroo Qonnaa Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuu gamasaaniin, mootummaan jiruufi jireenya qonnaan bultootaafi horsiisee bultootaa naannichaa fooyyessuufi badhaadhina maatii mirkaneessuuf humna qabu hunda fayyadamee hojjachaa jiraachuufi kuniss bu'aa buusuu kan jalqabe ta'uu himaniiru.

Iddoowwan bishaan lafaafi lagarra yaa'an jiranirratti oomishaafi oomishtummaa isaanii guddisan inisheetiviiwwan bishaan cimmisan kuusaa bishaanii xixiqqaa( small pond) sadarkaa maatiitti, kuusaa bishaanii jiddu galeessaa (medium ponds) sadarkaa hawaasaatti akkasumas haroowwan gurguddoo iddoowwan adda addaatti hidhuun hawaasni yeroo sadii oomishuu akka danda'u gochuun danda'ameeras jedhan.

Qonnaan bultoonnifi horsiise bultoonni kanaan dura seeftineetii jala turanis hojii kana keessatti hirmaachuun bu'aa gaarii agarsiisuu kan jalqaban ta'uus himanii, itti dhiyeenyan jajjabeessuufi deeggarsi ogummaa yoo taasifameef jijjiirama fiduu akka danda'an ta'uus dubbataniiru.

Naannichatti bara 2017 horsiisee bultoonni kuma 250 ol ta'an sagantaa seeftineetiin gargaaramurraa gara oomishtummaatti ce'uunis ibsameera.

**Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!**

Bohaartii

Bushraa Alii

# Wiiliyaam Taayintaan nama yeroo jalqabaaf TV irratti mul'ate

Waggaa 100 dura Onkololeessa 02, 1925 lammiin Iskootish Joon Loogii Baayird namni jedhamu TV irratti fuula namaa socho'uu danda'u tamsaasuu danda'e. Jalqaba namni TV irratti mul'ate ammoo Wiiliyaam Taayintan nama jedhamuudha. Wiiliyaam nama jalqaba TV irratti mul'ate ta'uusaatiin miira gaafa sana ture waggaa 40 booda bara 1965'tti BBC waliin turtii taasisee ture.


Walakkeessa jaarraa 19ffaa irraa kaasee saayinstistoonni TV kalaquuf carraaqqii garaa garaa godhaniiru. Namni jalqabaaf TV irratti suura namaa socho'u tamsaase Joon Loogii abbaansaa tajaajilaa waldaa yoo ta'u, rakkoo fayyaa isa mudateen Waraana Addunyaa Lammaffaa keessatti hirmaachuu hin danda'u jedhamee nama loltummaa keessaa baafameedha.

Sababa dhukkubsatuuf loltummaaf gahuumsa hin qabdu erga jedhamee booda, dhaabbata humna ibsaa tokkotti qacaramee hojjachuu itti fufe; garuu abjuu waa uumuu qaba ture. Asoosama saayinsii dubbiseen kaka'uumsa argachuun humna ibsaa guddaa fayyadamuun kaarbooniirraa daayimandii nam-tolchee uumuuf abbale. Garuu kaampaaniwwan Gilaasgoo humna ibsaa dhiyeessanirraa nama eeyyamuuf dhabee itti dhiise. Kanatti milkaa'uu dhabus biizinasii xiqqaa qabuun bara 1923'tti Kibba Landanitti mooraa bal'aa kireeffatee yaalii TV eegale.

Meeshaaleen makaanikaalaa inni yaalii tamsaasa TV'dhaaf tolche hoo'a guddaa maddisiisuurraa kan ka'e rakkisaa taasisee ture. Haa ta'uu garuu ventileetarii fayyadamuun hojiisaa itti fufe. Onkololeessa 02, 1925 namni ganna 20 Wiiliyaam Taayintan jedhamu irratti yaaliin godhameen yeroo jalqabaaf suurri bifa viidiyoon socho'u TV irratti mul'ate. Wiiliyaam Taayintan nama jalqabaa TV irratti mul'ate ta'e.

Wiiliyaam bakka Joon yaalii tamsaasa TV itti taasisu gajjallaadhaa biiroo wayii keessa hojjata. Wiiliyaam yaalii milkaa'aa yeroo jalqabaaf TV irratti erga mul'ateefi TV'n addunyaa wal gahee waggoota 40 booda bara BBC waliin turtii taasiseen waan gaafa sana ta'e dubbate.

"Joon fiigee dhufee na fuudhee bakka laabiraatooriisaa na seensise. Gammachuu guddaatu fuulasaarraa mul'ata," jedha. Gaafa kutaa yaalii TV sana seenu shiboowwan elektirikii bakka hunda jira, ciccitaan sibiilaa, diiskiwwan, ibsaan gosa garaa garaa,



baatiriiwwan, motorowwan dullooman fa'aa achitti gaafa argu, achi keessaa waan gaarin waan bahu itti hin fakkaanne.

Wiiliyaam tiraanismiitarii fuuldura teessisuun ofii bakka itti iskiriinii gubbaatti suurri mul'achuufi dhiisuu agarsiisu kutaa biraa deeme. "Ija koo osoon irraa hin buqqifatin daqiiqaa tokkoo ol tiraanismiitaricha keessa ilaaluu hin dandeenye. Hoo'isaa baay'ee cimaa ture. Kanaaf ija koon irraa buqqifadhe,"jedha.

Joon ammayyuu suura socho'u akka barbaadutti hin arganne waan ta'eef Wiiliyaam kadhatee akka achi kutaa yaalitti deebi'u godhe. Hoo'i meeshaaleen yaalii uuman cimaa waan ta'eef Wiiliyaam deebi'uu hin barbaanne. Yeroo kana Joon saantima xiqqoo harka keessa godhee akka deebi'ee tiraanismiitarii keessa ilaalu godhe¬¬–kaffaltuu TV jalqabaa jechuudha.

TV'n suura nama tokkoon eegale addunyaa wal gahe

Akka viidiyoo akka fakkaatuf suura socha'u waraabuuf arraba akka baasuufi fuulasaa bifa nama kofalchiisun akka sochoosuufi mallattoo garaa garaa akka agarsiisu gaafata.

Wiiliyaam garuu hoo'a meeshaalee TV mana kutaa yaalii keessa jiranii dandamachuu hin dandeenye. "Jiraatti na waaduu barbaaddee," jedhee Joonitti iyye. Joon dabareesaa kutaa biraa keessaa itti iyyee," sakandii muraasa obsi Wiiliyaam," jedhee kadhate.

Wiiliyaam hoo'a cimaa dandamatee hanga Joon suura bifa viidiyoon socho'u yeroo jalqabaaf waraabuu danda'e. Joon harka bal'isee kutaa TV dhaan suura Wiiliyaam hordofaa ture keessaa fiigaa bahe. Dhaqee Wiiliyaamitti harka maratee,"suura kee argeera, dhumarratti suura televizhiinii argadhe–suuraa televezhinii jalqabaafi isa dhugaa," jechuun yeroo jalqabaaf suurri namaa TV irratti mul'achuu danda'uu milkeesse.

Joon waa'ee maalii akka dubbatu Wiiliyaamiif hin galle. Nama jalqabaa TV irratti mul'ate ta'uusaayyuu hin barre. Amma immoo Joon bakka Wiiliyaam bu'ee fuulduree tiraanismiitarii taa'ee Wiiliyaam kutaa iskiriinii dhaqee akka ilaalu gaafate.

"Battalumatti fuula Joon arguun jalqabe, yeroo inni ija lipsatu, afaansaafi sochii inni taasisu hundaa iskiriinii gubbaatti arguun eegale," jechuun akkaataa itti suuran TV eegale ibse.

Joon Loogii hojii TV'tti milkaa'uusaa kana gammachuun guutamee Wiiliyaam maaltu sitti dhagaham? jechuun gaafate. Wiiliyaam waliisaa hin galleef. "Suuraa kee, fuula kee yeroo socho'u argeera, kanuma," jechuun deebiseef Wiiliyaam.

"Isa hin yaadda'in kuni jalqabbii TV ti; guutummaa biyyattii keessatti mana nama hundaa keessatti ni agarta, guutummaa addunyaattis naan jedhe Jooon," jechuun dubbata Wiiliyaam.

Waggaa ittaanu Amajjii 26, 1926'tti Joon Loogii Baayird waa'ee TV argannoosaa ifatti uummataaf ibsa kenne. Akkuma inni jedhe, TV'n guutummaa addunyaa wal gahe. Asoosama saayinsii dubbisuun abjuun waa kalaquu keessatti dhalate hojiitti hiikamee nama yeroo jalqabaaf suuraa socho'u TV irratti agarsiise ta'e.

**Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!**

Obbo Gammachiis Kitilaa Seedaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Le/Ko/Abdiisaa keessatti argamu,lakk.kaartaasaa 4676/2015 ta'e,Obbo Mootii Manarraa Dafaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Aadde Gaaddisee Faqqadee Darasuu mana jireenyaa Magaalaa Najjoo keessaa qaban lakk.kaartaasaa OR 027040502010 ta'e,karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Geetaachoo Addaamuu Suukeessaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

---

Obbo Bushuraa Sandoo mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 574/82 fi lakk.kaartaasaa 4049/BMA/2006 ta'e,Obbo Qixxeessaa Taaddasaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Yoonaas Coqorsaa mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 05500/16 ta'e,Obbo Gamtaa Lammaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Dirribee Guutamaa B/B Firaa'ool Iyyaasuu Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 233 fi lakk.kaartaasaa 1108/EBIFLMA ta'e, Aadde Baqqaluu Tarrafuutti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Olumaa Baanjuraa mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 0423/13 fi lakk.kaartaasaa 520/ WBIFLMA ta'e, Obbo Girmaa Faxxaneetti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Dabalaa Tamasgeen mana Magaalaa Aayiraa Ganda 01 keessaa qaban lakk.isaa 020 ta'e,Obbo Darajjee Solomoonitti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Bultii Kumarraa mana Magaalaa Aayiraa Ganda 01 keessaa qaban lakk.isaa 0229/2013 fi lakk.kaartaasaa 0229/2013 ta'e, Obbo Mararaa Malaakuutti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Margaa Asaffaa mana Magaalaa Aayiraa Ganda 01 keessaa qaban lakk.isaa 1191/82 fi lakk.kaartaasaa 1396/WBIFLMA ta'e, Obbo Daawwit Camaalootti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Obbo Xurunaa Dhiyeessaa mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 05116/2014 ta'e, Obbo Hayiluu Likkaasaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

---

Aadde Kuukkuu Gubbanaa mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 01 keessaa qaban ballina $M^2$ 500 irratti argamu,lakk.kaartaasaa MJ/5109/18 ta'e,niitummaa mirkaneeffachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Obbo Jamaal Gurmuu mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa B/Qassee Ganda 04 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee beekkamu lakk. isaa kaartaasaa 774/ጤ.ከ/84 ta'e,liqii baankii daldalaa itoophiyaa irraa liqeeffatanii turan deebisuu waan didaniif baankiin daldalaa itoophiyaa caalbaasiin Obbo Farradaa Tasfaatsihoonitti gurguranii jijjiirraa maqaa gara bitataatti raawwachuuf faayilli hadhoon mana galmee keessaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate galmee haaraa hundeessine tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

Obbo Margaa Ittaanaa B/B Guddattuu Guutamaa mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 03 keessaa qaban ,ballina $M^2$ 400 irratti argamu,lakk.kaartaasaa MJ/3178/2010 ta'e, Obbo Qixxaataa Jeetootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

---

Obbo Taaddalee Gammachuu ragaan abbaa qabiyyee mana kuusaa keessaa qaban na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaaa 30keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate tajaajila barbaadamu kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

---

Doktor Eefreem Maammoo mana daldalaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina $M^2$ 288 irratti argamu .lakk.kaartaasaa 16761/WLEN/2017 ta'e,mucaa isaanii Obbo Mataa Haaraa Eefreemiif kennanii maqaan gara isaaniitti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

---

**Waajjira Poolisii Aanaa Waayyuu Tuqaatiif**
**Bakka jirtanitti**
